



Hirmaattota Waltajjichaa



**Siingee**  
empowered. together.

Deeggansa barbaaddan kamiifuu  
**871** irratti nuu bilbilaa

www.siingeebank.com

**Midhaan gahe roobaan akka hin miidhamne duulaan sassaabamuu qaba jedhame**

- Oromiyaatti midhaan kuntaalli miliyoona 12.2 sassaabame

Taammiruu Raggaasaafi Bayyanaa Ibraahimiin

**Finfinnee:** Midhaan gahe roobaan akka hin mancaane duulaan sassaabamuu akka qabu Biirichaa Qonna Oromiyaa beeksise. Naannichatti lafa hektaara kuma 550 irraa midhaan sassaabamerraa callaa kuntaalli miliyoona 12.2 argamuunis ibsameera

Hogganaa Ittaanaan Biirichaa

Gara fuula 14tti

# Yaa'ii omishtummaa dabaluun addunyaarraa beela balleessuurratti xiyyeeffate

Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Beela balleessuuf Dhaabbatni Mootummoota Gamtoomanii ALAtti bara 1943 irraa eegalee sochii garaagaraa taasisaa jira.

Dhaabbatni kun A.L.A bara 1945tti Dhaabbata Qonnaafi Nyaata Addunyaa (FAO), bara 1961tti ammoo Sagantaa Nyaata Addunyaa (World Food Program) hundeessise, bara 1974tti Yaa'ii Nyaataa jalqabaa( UN First Food Conference) taasisuun bara

2009tti Labsii Wabii Midhaan Nyaataa biyya Roomiitti (Rome Declaration on World Food Security) labse.

Beela balleessuu qofa osoo hin taane ejjennoo

Gara fuula 14tti



Aadde Mabraat Baacaa

**Oromiyaatti dhiibbaa daa'immaniifi dubartootaa qolachuuf sosochiin hubannoo ji'a tokkoof turu har'a eegala**

fuula 14

Waaqshuum Fiqaaduutiin

**Finfinnee:** Oromoon waan waliin qabu malee waan irratti wal dhabu akka hin qabne celaa garbummaafi imala qabsoo nuffisiisaa waggoota 150 olii yaadachuu qofti gahaadha. Sirnoota darbaniif amanamuufi amanamuu dhabuun qulqulluu nama hin taasisu. Yakkamaan shakkamuu, maqaa fokkataa diinni boccen waamamuufi hacuuccaa hamaa keessummeessuuf Oromoo qofti sababa ta'uun taatee Oromoo hunda walqixxeessu ture.

Qaaccessi keenya miilanaa Kitaaba "Ministira Muummeeffii Haaromsa" jedhamu kan Qabsaa'aa Gameessa ABO Jaal Ibsaa Nagahoon barraa'eeffii yaadota Hayyoota siyaasaa sanaan walqabaterratti xiyyeeffata. Dhimmi guddaan waa'ee maalummaa kitaabichaa osoo hin taane ergaafi yaada Oromummaa saniin walqabatee calaqqiserratti fuuleffata.


# Calaqqee Oromummaa walsakaaluurraa gara waliin imaluutti ce'e



ABO ta'anii haala kanaan dura hin yookiin gantummaa osoo hin taane dhugaa baratamneen falaasamaafi tarsiimoo Paartii jiru ibsuufi gaaffiin Oromoo kaleessa Badhaadhinaa tumsuun dantaa dhunfaa

Gara fuula 11tti

# ODUU



Hojii suphaafi sarara diriirsuu

## Kurmaana tokkoffaatiin gandootni 26 tajaajila elektirikii argataniiru

### Natsaannat Taaddasaatiin

**Finfinnee:** Raawwii hojii kurmaana tokkoffaa bara 2017tiin gandootni baadiyyaafi magaalaa 26 tajaajila elektirikii argachuu Tajaajilli Elektirikii Itoophiyaa beeksise.

Daarektarii Kominikeeshinii tajaajilichaa Obbo Malaakuu Taayyee ibsa miidiyaaf tibbana kennaniin akka jedhanitti, Tajaajilichi kurmaana tokkoffaatti maamiltoota haaraa kuma 90fi 726 yommuu horatu waliigalaan ammoo maamiltoota miliyoona 4.8 ol horateera.

Maamiltootni raawwii hojii kurmaana tokkoffaatiin tajaajila elektirikii argatan keessaa %62 iyyata dhiyeeffatanii guyyoota 10 keessatti tajaajilicha kan argatan ta'uu himanii; manni hojichaas maamilli tokko tajaajila elektirikii argachuuf iyyatee guyyoota kudhan keessatti argachuu qaba jedhee sagantaa baase irratti hojjechaa jiraachuu himaniiru.

Tajaajilli Elektirikii Itoophiyaa raawwii hojii kurmaana tokkoffaa bara 2017 darbeen gurgurtaa inarjii, qabeenyaafi kiraa biiroraa galii qarshii biiliyoona 11.55 walitti qabuuf karoofachuun qarshii biiliyoona 11.15 (%97) kan walitti qabe ta'uus himaniiru.

Tajaajilli Elektirikii Itoophiyaa raawwii hojii kurmaana tokkoffaatiin namoota kuma sadiifi 76f carraa hojii uumuus yaadachiisaniiru.

Hojii bulchiinsa gaarii mirkaneessuufi sirna ittigaafatamummaa diriirsuuf raawwatamaa tureen hojjetoota tajaajilichaa hojmaata badaa raawwatan 20 kan adabaman ta'uu himanii; tajaajilamtoonnis eeruu kennuun rakkoo bulchiinsa gaariifi kenna tajaajilaan walqabatu hir'isuu keessatti qooda olaanaa ba'achuu eeraniiru.

Rakkoo addaan ciccitiinsa elektirikii furuufis hojiin bu'uraalee misoomaa diriirsuufi suphuu bal'inaan raawwatamaa turuu himanii, hojiin kun kurmaana ittaanu keessatti cimee kan ittifufu ta'as jedhaniiru.

Tajaajilli Elektirikii Itoophiyaa Goofaatti lammiilee sababa sigiga lafaatiin miidhamaniif deggersa qarshii miliyoona shanii akkasumas dabtara kuma 10 barattoota maatiinsaani harka qalleessa ta'aniif kennuun gama tajaajila hawaasummaatiinis gahee irraa eegamu bahateera.

Humni elektirikii akkuma faayidaa olaanaa qabu of eeggannoon ittifayyadamu baannan balaa guddaa qabeenya barbadeessuufi qaama hir'isuurra darbee hanga lubbuu balleessuu waan ga'uuf ofeeggannoon ittifayyadamuun barbaachisaa ta'uus hubachiisaniiru.

# Naannoo Ummattoota Itoophiyaa Kibba Lixaatti hirmaattotni 2,200 ol waltajjii calallii ajandaa mariirratti hirmaatan

### Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Naannoo Ummattoota Itoophiyaa Kibba Lixaatti Waltajjii calallii ajandaa marii biyyaaleessaarratti hirmaattotni 2,200 ol hirmaachuu Komishiniin Marii Biyyaaleessa beeksise. Waltajjiin kun Onkoloolessa 24 akka eegaleefi har'a akka goolabamus ibsameera.

Komishinarrii komishinichaa Mulgeetaa Agoon Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, Naannoo Ummattoota Itoophiyaa Kibba Lixaatti aanaalee 41fi bulchiisa magaalotaa 16 irraa hirmaattotni 2,200 ol waltajjii calallii ajandaa mariirratti hirmaataniiru.

Akka ibsa isaaniitti, komishinichi naannichatti marii biyyaaleessa geggeessuuf Onkoloolessa 13 irraa eegalee qophii barbaachisaa taasisaa tureera. Akka sagantaa raawwii marichaatti Onkoloolessa 24 irraa eegalee mariin calallii ajandaa marii biyyaaleessa hanga Onkoloolessa 26tti bakka hirmaattota qaamolee hawaasaan akka gaggeeffamu himanii; gaafa 27(Roobii) mariin namoota dhiibbaa gaarii uumanii ni gaggeeffama. Kamisa kan qooda fudhattoota nigegeeffama jedhaniiru.

Hojmaata mariin ittiin gaggeeffamu diriirsuu, bakka bu'oota qaamolee hawaasaa sagal irraa adda baasuun maricha hirmaachisaafi hammataa taasisuuf komishinichi hojii bal'aa hojeteera. Qaamolee qooda fudhattootas haaluma walfakkaatuun adda baasuun maicharratti akka hirmaatan taasifamuu himanii; hirmaattotnis dhiibbaa tokko malee akka hirmaatan ta'eera.



Hirmaattota waltajjichaa

Paartilee siyaasaa karaa seera qabeessaan sadarkaa naannoofi biyyaaleessaatti naannicha keessa socho'an jiran hirmaachisuuf komishinichi haala mijaa'aa umuu eeranii; Onkoloolessa 28 (Kamisa) irraa eegalee marii akka eegalan ibsaniiru.

Raawwii komishinichaa hagna ammaatti jiruun Naannoo Ummattoota Itoophiyaa Kibba Lixaatti gaafa goolabamu naannoo Amaaraa, Oromiyaafi Tigraayi irraa kan hafe mariin calallii ajandaafi bakka bu'oota marii biyyaaleessa irratti hirmaatanii naannolee hundaafii bulchiisa magaalotaa lamaan keessatti akka goolbamu taasisa.

Mariin Naannoo Ummattoota Itoophiyaa Kibba Lixaa erga goolabamee booda Naannoo

Oromiyaatti akka ittifufu eeranii; Naannoo Amaaraatti qaamolee haala mijeessitootaaf leenjii kennamuu irra darbee sababa rakkoo nageenyaan hojiin komishinichaa duubatti harkifateera. Haalotni jiran fooyya'anii jennaan komishinichi waan naannolee birootti raawwatame raawwachuuf qophii ta'uu ibsaniiru.

Naannoo Tigraayittis haala walfakkaataan hojiin komishinichaa duubatti harkifachuu himanii; hojiiwwan komishinichaa caalmaatti milkeessuuf rakkoolee marichaaf gufuu ta'an hundumtuu gara mariitti dhufee mootummaafi ummtaan furmaata akka argatu taasisuuf miidiyaalee deggersa isaanii cimani akka ittifufan waamicha dhiyeesaniiru.



## Walga'iin kaawunsilii Sakretariyati Ministeerota Zoonii Daldala bilisaa har'a eegala

### Bayyanaa Ibraahimiin

**Finfinnee:** Walga'iin daldala walabaa waliinii biyyoota Afriikaarratti xiyyeeffate kan qaamolee olaano qaxanichaa guyyaa har'arraa eegalee Finfinneetti akka adeemsifamu Ministeerri Daldalaafi Walitti Hidhamiinsa Naannawaa ibse

Guyyootan sadeen darbaniif walga'iin Ogeessota olaano daldalaa biyyoota Afriikaa irraa walitti bahaniin dhimma daldala waliinii Afriikaafi yaadota galtee tarsiimoo ministerootaan bahuuf oolu walitti qabamaa turuu Deetaan Ministerichaa

Aadde Yasmiin Mahamad ibsaniiru.

Yaadni zoonii daldala bilisaa bara faranjoota 2018tti walga'ii hoggantootaatiin murtaa'uu kan yaadachiisan Aadde Yasmiin; bara 2021tti ifatti hojii eegaluudhaan daldala waliinii biyyoota Afriikaa jidduu jiru fooyyeessuu ibsu.

Akka ibsasaaniitti Hojirra ooluusaatiin duratti daldalli biyyoota Afriikaa gidduu ture hedduu gadaanaa kan ture yemmuu ta'u, yeroo ammaa biyyootni omishni waliigalaa biyya keessaa(GDP)n isaanii triliyoona 3.4 daldala bilisaa kanaan walitti daldalaa jiru.

Zoonii daldala bilisaa kana keessatti hirmaannaan damee dhuunfaa murteessaa ta'uu himanii; kanaafis hojiin muuxannoo uumuu biyyoota miseensotaa hunda keessatti gaggeeffamaa jiraachuu dubbatu.

Yaa'ii kana Itoophiyaan akka qopheessitu taasifamuunsaa bu'aa biyyattiin damee konfiransiin turizimii irratti galmeessisaa jirtuun kan walqabatu ta'uus himaniiru.

Walga'ii kanaaf keessummoonni alaa 300 ol ta'an gara Itoophiyaatti akka dhufanis ibsameera.

# Xiyyaara “Air bus A350-1000” Afrikaatti xayyaara isa jalqabaa

## Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Daandiin qilleensaa Itoophiyaa waggootan torbaatama darbaniif daandii qilleensaa maqaa gaarii qabuudha. Nageenyisaa amansiisaa ta'uuf mijaa'innisaa imaloota hedduu biratti filatamaa waan isa taasiseef dinagdee biyyattii keessatti gahee guddaa akka taphatuuf ka'umsa ta'eeraaf. Maqaa gaarii, tajaajila si'ataafi nageenya amansiisaa qabuun sadarkaa Afrikaafi Addunyaatti waggootan darban keessa badhaasawwan dhaabbilee aveeshiniin kennaman hedduu gonfachu danda'eera.

Waggootan Shanan darban keessatti itti fufiinsaan waggaa waggaa badhaasawwan garaagaraa fudhachaa ture. Balalliiratti maamiltoota haala gaariin keessummeessuun, nyaataafi dhugaatii maamiltootni barbaadan dhiyeessuun, maamiltootasaatif imala balalii keessatti intarneetii diriirsuun badhaasawwan adda addaa fudhachaa jira.

Walitti Qabaan Boordii Daandii



Qilleensichaa fi Ajajaan Humna Qilleensa Itoophiyaa Letenaal Jeneraal Yilmay Mardaasaa Kibxata darbe daandiin qilleensichaa Kaampaanii “Air bus” irraa xayyaara “A350-1000” yoommuu fudhatu haasaa taasisaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan yeroo jalqabaaf xiyyaara A350-1000 gara biyyaa galchuun daandii qilleensichaafis ta'e Afrikaaf agarsiistuu guddina aveeshinii ardichaa ta'uu ibsaniiru.

Milkaa'inni daandiin qilleensichaa damee

indastirii aveshiniitiin agarsiisaa jiru Itoophiyaa bira darbe Afrikaanota kan boonsuudha jedhanii; xiyyaari daandiin qilleensichaa galche kun maqaa biyyattii kan ol kaasuudha jedhaniiru.

Gaggeessaan Hojii Olaanaan Daandii qilleensichaa Obbo Masfin Xaasoo gamasaanitiin akka jedhanitti, xiyyaari haaraan kun karoora guddinaa daandiin qilleensichaa qabatee socho'aa jiru galmaan gahuuf humna dabalataa kan ta'uudha.

Daandiin qilleensichaa maamiltootasaatiif tajaajila si'ataa kennuu bira darbe indastirii aveeshiniitiin addunyaarratti dorgomaa akka ta'uufis kan isa dandeessisuudha jedhanii; A350-1000n damee aveeshiniitiin Afrikaan boqonnaa haaraatti akka ceetu kan taasisuudhas jedhaniiru.

Kaampaanii “Air bus”tti Pirezidaantii Ittaanaan Damee Daldala Afrikaa Mistar Hadii Akum gamasaanitiin akka jedhanitti, xiyyaari A350-1000 teknolojii jabana kana keessa jiru waan hidhateef daandiin qilleensichaa tajaajila kennu fooyyessuuf kan isa dandeessisuudha. Daandiin qilleensichaa humna namaa mataasaatiin xiyyaaricha balaliisuu danda'uunsaa hagam humna namaatiin akka gahoomes ifatti kan mul'isuudhas jedhaniiru.

Daandiin qilleensichaa xayyaarota 124 bituuf ajajee kan ture ta'uu Ministirri Muummee Doktor Abiyi Ahmad torbee darbe yaa'ii Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataarratti kan dubbatan ta'uun ni yaadatama.

## Gaambeellaatti nageenyi fooyya'uusaan hawaasni fuulasaa gara misoomaatti deebiseera

### Gammachuu Kadir

**Finfinnee:** Naannoo Gaambeellaatti nageenyi fooyya'uusaan hawaasni fuulasaa gara misoomaatti deebisu Mootummaan Naannichaa beksise. Jijjiirraan Hoggansaa fooyya'uu nageenyaaf sababa ta'uunis ibsameera.

Hogganaan Biiroo Kominikeeshinii Naannichaa Obboo Ujuluu Gilo Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, tarkaanfii hoggansi jijjiiramaa naannichatti fudhateen nageenyi waara'aa bu'aa jira. Yeroo ammaa kana rakkoo xixiqqoo irraa kan hafe hanga gandaatti ummatni hunduu nagaan ba'ee galuun fuulasaa gara misoomaatti deebifatee jira.

Akka ibsa isaaniitti, naannichatti waggootan lamaan darbaniif walitti bu'insaa obboleewwan gidduu tureen qonnaan bulaan ba'ee hojii isaa hojjechuu hin dandeenye. Manneen barnootaa addaan cituun hojii misoomaa duubatti akka harkifatuuf tureera.

Rakkoolee kanneen furuuf mootummaan jijjiiramaa jijjiirraa hoggantootaa sadarkaa Pirezidaantii, Pirezidaantii Ittaanaafi Ittigaafatamaa Waajjira Paartii taasiseera. Hoggantootni kunneen gad bu'anii rakkoo jiru hawaasa bal'inaan mariisuuudhaan rakkoo obboleewwan lamaani, Anyuwaakiifi Nuweer gidduu akka hin jirre hubachuun danda'ameera.

Haaluma kanaan maddi rakkoo nageenya naannichaa hoggantoota caasaa mootummaa keessa jiran tokko tokko waliin akka walqabatu himanii; hoggantoota bakka walitti bu'iinsi mul'atetti tarkaanfii madaalawaa fudhachuu dhiisan irratti tarkaanfii aangoo irraa kaasuu hanga seeratti dhiyeessuu fudhatameera.

Tarkaanfii fudhatameenis yeroo ammaa



Obboo Ujuluu Gilo

kana nageenyi waara'aa naannichatti bu'aa jiraachuu himanii; hojii qonnaa addaan citee ture caalmaatti ittifufsiisuuf yeroo qisaasa'e bakka buusuuf hojii ummata dadammaqsuu hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Adeemsi baruufi barsiisuu haala gaariirra jiraachuu himanii; sababa guutuu Laga Baaroon bakkeewwan tokko tokkotti hojii baruufi barsiisuu duubatti harkifatus, yeroo ammaa Lagichi hir'achaa waan jiruuf bakka hundatti hojii baruufi barsiisuu gaggeeffamaa jira. Waajjiri barnootaa naannichaas wayitiilee barnootaa gubatan bakkatti deebisuuf hojii bal'aa hojjetaa jiras jedhaniiru.

Tarkaanfii hoggansaatti dabalee qindoominni ummataafi qaamolee nageenyaa naannichaa bu'aa argamaa jiruuf sababa ta'uu eeranii; haaluma walfakkaatuun naannolee ollaa waliin hojii nageenya cimsuu ittifufee jira jedhaniiru.

Nageenya argame kana itti fufsiisuuf lammiileen naannicha keessa jiraatan hundi dirqama isaanii ta'uu hubatanii nageenya waara'aa jiru ittifufsiisuufi tikfachuu dirqamanii ba'uu akka qaban dhaamaniiru.

## Oromiyaatti Pirojektiiwwan investimantii 4,400 simatamaniiru

### Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Naannoon Oromiyaa bara baajataa 2017 kurmaana tokkoffaa keessa Pirojektiiwwan investimantii 4,400 kan simate ta'uu Biiroon Investimantiifi Industirii Naannichaa beksise.

Hogganaan biirichaa Obbo Ahmad Idiris tibba darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, Naannoo Oromiyaa investimantiif kan ta'u potenshaala guddaa qaba. Naannichi qabeenya lafa bal'aa bishaan lafarraafi lafa jalaa waliin, hawaasa nama hojjetu kabajuufi deeggaru, harawwan gurguddoo babbareedoo, qabeenya bosonaa, qilleensa gaarii namaafi lubbu qabeenyii maraaf mijatu kan hojii investimantii damee hedduuf mijatu qaba.

Magaalli guddoon biyyichaa Finfinneen handhuura naannichaatti waan argamtuuf, irra caalaan kutaalee naannichaa bu'uraalee misoomaa gahaa waan qabaniif, abbootiin qabeenyaa omisha omishan gabaa biyyaaleessaattis ta'ee gabaa alaatti gurgurachuuf mijataadha.

Potenshaala qabdu kanarraa kan ka'e naannichi investimantii qonnaaf, bu'aalee qonnaa qindeessuuf, indastirii omishaaf, warshaa sibiilaafi sibiilalotaaf, indastirii albuudaatif, indastirii mukaafi bu'aalee mukaatiif, indastirii konistiraakshiniifi akaakuu investimantii birootiif baay'ee mijatuudha.

Potenshaala jiru kana Yunivarsiitii Saayinsiifi Teknolojii Adaamaa waliin ta'uun tokkoon tokkon qabeenya uumamaafi galteewwan indastirii eessatti akka argaman hojiiin adda baasuu hojjetameera.

Kurmaanicha keessa pirojektiiwwan investimantii 4,400 simataman keessaa 4,317 boordii investimantii naannichaan murtoo argataniiru. Kunneen hafan ammoo ulaagaa investimantiin dokumantiinsaani ilaalamaa jira. Pirojektiiwwan murtoo argatan kunneeniif lafi hektaarii kuma 31 qophaa'eera jedhanii; gaafa guutummaan guututti hojiitti galan



Obbo Ahmad Idiris

namoota kuma 300f carraa hojii uumu jedhamee eegama. Abbootiin qabeenya pirojektiiwwan kunneeni waliigalatti qarshii biliyoona 93 kan galmeessaniidha.

Waamicha Pirezidaantiin naannichaa Dayaasporaaf taasisan hordofees namootni hedduun gara naannichaa akka dhufu taasisaa jira jedhanii; hawaasni dayaasporaa Ayyaana Irreechaa kabajuuf gara biyyaa dhufaniifis potenshaala jirurratti hojii hubannoo uumameen hojii investimantiif galmaa'anii adeemsa kan jalqaban hedduun kan jiran ta'uu Obbo Ahimad ibsaniiru.

Yeroo ammaa investimantii simachuuf jajjabeessituun hojimaatnifi imaamatni mijataan jiraachuu himanii, abbootii qabeenyaaf tajaajila iddoo tokkootiin simannaan, dizaayiniin, hayyamniifi kaartaan kennamaafii jira jedhaniiru.

Abbootiin qabeenya allergii akka dabalaniif, omisha alaa galu biyya keessatti omishanii akka bakka buusaniif, carraa hojii bal'aa akka uumaniif xiyyeeffannoon hojjetamaa jira jedhanii, bara bajatichaatti alergiirraa doolaara Ameerikaa biliyoona tokko argachuuf karoofamee hojjetamaa jira jedhaniiru.

Hanga ammaatti naannicha keessa pirojektiiwwan investimantii kuma 23 jiran keessaa, kummi 13 guutummaan guututti hojjechaa kan jiran ta'uu himanii; carraa hojii nama miliyoona 1.2f kan uuman ta'uu Obbo Ahimad ibsaniiru.

# Mijuu

**BARIISAA SANBATAA** Onkoloolessa 30 Bara 2017



**Irreecha duulaafi  
ololaan osoo  
hinxiqqaatiin  
ijaafi qalbii  
addunyaa  
hawwataa jiru**

*fuula* **10**



**“Dhaloota egereetiif  
biyya ijaaramaa deemtu  
dabarsuuf hunduu  
ga’eesaa ba’achuu qaba”**

- Aadde Caaltuu Saanii

*fuula* **6**



**Waldaa maashinoota gara  
garaa kalaquun qulqullina  
omishaalee qonnaa  
mirkaneessaa jiru**

*fuula* **8**

# Ijoo Dubbii

## Dachee biliyoonota sooruu dandeessutti beelli miliyoonotaa haa dhaabbatu

**K**onfiraansiin addunyaa beelarraa bilisaa tibbana Finfinneetti adeemsifame sababa, celaafi furmaata beelaa xiyyeeffannaan ilaaleera. Qorannoon Sagantaa Nyaata Addunyaa akka mulisutti, ummatni addunyaa miliyoona 800 ta'u waan afaanitti geeffatu hinqabu. Lakkoofsi kun ida'ama lakkoofsa ummataa biyyoota Jarmaniifi Ruwaandaa kan gitudha. Ummata Afrikaa keessaa %20 beela hamaa kanaan waxalamaa jira.

Dacheen garuu ummata biliyoona 10 sooruf potenshaala akka qabdu qorannoon kun ibseera. Waliigalaan ammoo ummatni addunyaa beela hamaa keessa jiru kun harki lama sadaffaan biyyoota guddinarra jiran keessatti argamu. Waraanni, jijjiiramni haala qilleensaa, qonna ammayyeessuu dhabuufi qabeenyiifi beekumsi bakka tokkotti kuufamuufi walqooduu dhabuun beela mudate kanaaf dhimmoota sababa ta'anidha.

Itoophiyaan Konfiraansii Idil Addunyaa kana keessummeessuuf gama tokkoon carroomuu, gama biroon ammoo sababa quubsaa ibsama. Waggoota hedduuf Itoophiyaan barjaa beelaan addunyaarratti beekamuurra kan ka'e fakkeenya beelaa taate ibsamaa turte. Hanga dhiyoottis kadhaa qamadiin birmadummaanshee sarbamee biyya somba biyyoota qamadii kennaniin argantu turte. Jijjiiramaa as garuu seenaanis seexaanis jijjiiramee qamadii alaa galchuu gara alatti erguuf biyya geessedha. Ongee hamaa mudate keessatti ummata sooruu qofa osoo hintaane miliyoonota beela keessaa baasuu dandeesseetti.

Ministirri Mummee Doktor Abiyyi Ahmad Waltajjii "Addunyaa Beelarraa Bilisaa" jedhu kanarratti, Itoophiyaan ummatashee beela hamaa keessaa baasuuf jijjiiramaa as faalasama xabbootiin sochii walirraa hincinne taasisaa jirti. Paarkiiwwan Industiriitiif xiyyeeffannaa kennameen galii qonnaan bulaa ol kaasuu, carraa hojii bal'aa uumuufi dinagdee damdameessuun qooda biyyattiin gabaa addunyaa keessatti qabdu olkaaseera.

Beelli dhimma qofaatti adda ba'ee ilaalamu osoo hintaane hiyyummaa biroon walqabata. Rakkoolee beela waliin hidhata qaban maqsuuf addunyaan yeroo kamuu caalaa harka walqabatee ka'uun dirqama. Qonna omishtummaansaa olaanaa ta'eefi jijjiirama haala qilleensaa dandamatuu hundeen lafa qabsiisuun, keessattuu Afrikaaf ajandaa duraa ta'uu qaba.

Dacheen addunyaa hektaara kumaatamaan lakkaa'amu wayita lolaan waggaatti dhiqamaa jiru kanatti Itoophiyaatti dacheen dhiqamee midhaan baasuu lagate Sagantaa Ashaaraa Magariisaan bayyaanachiisuun omishaafi omishtummaa dabaluu cinatti bakka aara galfii lubbu qabeeyyii miliyoonotaaf abdi taasisuu dandeesseetti. Sagantaa kanaan biqilootni friiinsaani nyaataman dhaabbachuun utubaafi gaachana wabii midhaan nyaataa biyyattii ta'uun tajaajilaa jiru. Hirmaattonni idil addunyaa Konfiraansii Addunyaa beelarraa bilisaas kan dhugaa ba'an kanuma.

Mootummaan utubaa dinagdee biyyattii kan ta'erratti jijjiirama hunda galeessa fiduuf rifoormii jabaa taasisuun cinatti dhiyeessii xaa'oo qarshii biliyoonaan lakkaa'amuun hirphaa jira. Hirkattummaa roobaa jalaa ba'uufis ta'e omisha dachaan dabaluu misooma jallisiif xiyyeeffannoo addaa kennameera. Kana qofa osoo hintaane "Cittuun lafaa agabuu buluu hinqabu" sochii jedhuun qonni magaalaa wabii midhaan nyaataa jiraattota magaalaa bira taree guddina dinagdeefuu qoodasaa ba'achuurratti argama.

Akka Itoophiyaattis ta'e addunyaatti lakkoofsa ummataafi jijjiirama haala qilleensaa dabalaa jiruun walqabatee wabiin midhaan nyaataa gaaffii keessa galuun wayita ummatni miliyoonaan lakkaa'amu beela'aa jiru kanatti Konfiraansiin taasisfame kanarratti rakkooleen, hammeeyyumaafi kallattiin fuulduraa caqasamuun abdi egereef bu'uura ta'a.

## Yaada/Ajandaa



## Galiifi gibira miliqsuun imala guddina biyyaa doomsuudha

### Waasihun Takileetiin

**G**uddinni biyya tokkoo akka si'atuuf murteessitoota ijoo keessaa kan hojjetanii argatanirraa gibiraafi taaksii amanamummaan kaffaluun isa tokko yoo ta'u, amanamummaan kan kaffalan akkuma jiran warreen miliqsuun dinagdee biyyaa golgoleessanis hindhibani.

Haalli galiin biyya keenyaa itti sassaabamu hanqina guddaa kan qabu yoo ta'u, namoonnis amanamummaan kaffaluurratti rakkoo uumaniin gibiraafi taaksiin waliindhahamu olaanaadha.

Gibiraafi taaksii waliindhahuunimmoo ijaarsi bu'uuraalee misoomaa mootummaan fayyadamummaa hawaasaaf cichoominaan hojjetu akka waliin hingahamneef sababa guddaa ta'aa waan jiruuf dhimmichi dhimma xiyyeeffannoo barbaadu ta'ee mul'achaa jira.

Hudhaan kun akka furamuuf hojiin hubannoo uumuu taasisfamuun isa tokko yoo ta'u haala sassaabbii galiis ammayyeessuun dirqama yeroon gaafatudha.

Galiin waliindhahamee ykn miliqfamee jennaan ijaarsaaleen akka mana barnootaa, mana yaalaa, daandii, bishaan dhugaatiifi bu'uuraaleen murteessoo ta'an akka gufatan taasisuun namoonni muraasni akka durooman, ummanni bal'aammoo deegaaf hiyyumaan akka gaaga'amu kan taasisudha.

Hudhaan kun matumaa akka furamuuf kaffaltooni gibiraafi taaksii ulaagaa kaa'ame bu'uura godhachuun yeroon kaffaluun kan isaanirraa eegamu yoo ta'u, waliindhahuuf ykn miliqsuuf yaaliin taasisfamu kamiyyuu farra imala jijjiirama biyyaa waan ta'eef sirriitti hubatamuu qaba.

Hiyyuma seenaa goona jedhamee gaafa haasa'amu olola afaanii osoo hintaane dhaloonni cimsee hojjetee kan argaturraammoo gibiraafi taaksii amanamummaan kaffalee ijaarama biyyasaa keessatti qooda isarraa barbaachisu akka bahatuuf dirqama guddaatu isarra jira jechuudha.

Dirqama kana bahachuufimmoo enyuntuu itti gaafatamummaa

guddaa biyyi isatti laatte kan isarra jiru ta'uu hubatee amanamummaan kaffaluun ijaarsa misooma biyyasaa keessatti ashaaraasaa qubachiisuun murteessaadha.

Sadarkaa naannooti shira gibiraafi taaksii miliqsuun walqabatee galiirratti qaqqabaa jiru to'achuuf hojmaanni ammayyaa hojiirra oolaa kanjiru yoo ta'u, tarkaanfii gama kanaan fudhatameen jijjiiramni jajjabeessaa galmaahaa jira.

Hojmaanni gibiraafi taaksiin ittiin sassaabamu ammayyaa'uun ammoo alseerummaan akka hir'atu galiin barbaadame harcaatii malee akka sassaabamu misoomni hawaasaa barbaadame akka milkaa'u kan taasisudha.

Bu'uuruma kanaan misoomni harkicaalu galii keessoorraa maddaniin kan guutaman waan ta'eef xiyyeeffannoon gibiraafi taaksii galii keessoorratti kennamee hojjetamu olaanaadha.

Bara kana galii idilee mana qopheessaafi galii keessoorraa argamuun waliigala qarshii biliyoona 206 walitti qabuuf karoofamee hojjetamaa kan jiru yoo ta'u lammiileen keenyas kana beekani dirqama lammummaa isaanirraa eegamu bahachuun barbaachisaadha.

Haata'u garuu gibiraafi taaksii milqsuun galii waliindhahuuf yaaliin taasisfamu itti gaafatamummaa kan hordofsiisu waan ta'eef kan argatanirraa galii amanamummaan kaffaluun aadeffatamuu qaba.

Guddina biyya tokkoo si'eessuu misooma saffisiisu keessatti qooda guddaa kan qabu gibiraafi taaksiin yeroo qabameefi keessatti sassaabamee tajaajila barbaachisuuf akka ooluuf lammiileen hundi ittigaafatammaa waan qabaniif chichoominaan irratti hojjechuun murteessaadha.

Walumaagalatti gibiraafi taaksii amanamummaan kaffaluun ammayyuma yoo ta'u harkifannaa gama kenniinsa tajaajilaan jiru ammayyeessuun alseerummaa damee galiirratti qaqqabu maqaa misooma milkeessaa biyya badhaate dhaloota dhufuuf dabarsuuf kan karoorsine hojiitti hiikuun manii qabanne galmaan gahuun nurraa eegama.



## Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

**Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa**  
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22  
Email :- [epa@press.et](mailto:epa@press.et)

### Gulaalaan

**Charinnat Hundeessaa**

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

[chhundessa@yahoo.com](mailto:chhundessa@yahoo.com)

[email-cherenethundessa@press.et](mailto:email-cherenethundessa@press.et)

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

### Qopheessitootni:

*Saamraawit Girmaa*

*Natsaannat Taaddasaa*

*Bayyanaa Ibraahim*

*Waasihun Takilee*

### Adeemsisaa Hojii

*Bil. 011-126-42-22*

### Kutaa Beeksisaa:

*Bil. 011-156-98-73*

### Raabsa Gaazexaa

*Bil.011-157-02-70*

### Faaksii Kutaa Qophii

*251-011-1-5698-62*

*L.S.P 30089*

*email-bariisaa@press.et*



**Ethiopian Press Agency**

## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Dhaloota egereetiif biyya ijaaramaa deemtu dabarsuuf hunduu ga’eesaa ba’achuu qaba”

- Aadde Caaltuu Saanii

Saamraawit Girmaatiin

*Dhiheenya kana Ministirri Muummee Itoophiyaa Abiyi Ahimad (PhD) raawwii guyyoota 100 seektarootaa qorataniiru. Akka waliigalaattis hojiiileen raawwataman jajjabeessoo ta’uu ibsanii, wantoota xiyyeeffannoo barbaadan irrattis kallattii ka’aniiru. Seektaroota gabaasnisani qoratame keessaammoo Ministeerri Misooma Magaalaafi Bu’uuraalee Misoomaa isa tokko. Nutis dhimma kanaafi sochii waliigalaa wajjin walqabsiisuun Ministira ministeerichaa Aadde Caaltuu Saanii keessummaa torban kanaa taasifanneerra; dubbisa gaarii!*

**Bariisaa:** Yeroo keessaniif isin galateeffachaa, kallattumaan mee raawwiin guyyoota 100 seektara keessanii maal akka fakkaatu nuu ibsaa? Ciminoonnifi hanqinoonni adda baafaman maali?

**Aadde Caaltuu:** Hayyee isinis galatoomaa. Akka waliigalaatti seektaroota hedduu keessatti ciminoonni hedduu akka jiran, keessattuu dinagdeen biyyattii rakkoolee haala waliigalaa addunyaa, ardiifi biyyaa jiran dandamatee % 8.5n guddachaa jiraachuun isaa qoratameera. Dinagdeen kun guddateera jennee yommuu dubbannu inumaayyuu xiqqeessinee ilaalle. Kanaaf isa nuti ofii keenyaaf ragaa ofii baanu caalaa dhaabbileen idil addunyaa dinagdeerratti hojjetanis kana ol guddachuu akka dandeenyu akkasumas, guddina yeroo tokko guddate yeroo kaan badu akka hintaane dhugaa nuuf ba’aniiru.

Keessattuu fooyya’insa dinagdee gooroo Itoophiyaan yeroo jalqabaatiif taasifte waliin walqabatee wantoota baay’etu fooyya’e. Kana dura biyyattiin akka odolaatti adda baatee qofaashee jiraataa turte. Biyyoota hedduu wajjiin ulaan dinagdee ishee cufaa ture. Amma garuu ulaan ishee banamee sadarkaa addunyaa waliin walii kennanii fudhachuura qaqqabameera. Gama kanaan hojjiin hojjetame seena qabeessaafi yoomillee kan hindagatamneedha.

Kana malees hojii fooyya’insa dinagdee waliin walqabatee hojjetameen alseerummaan daran akka hir’atuuf gumaacheera. Duratti meeshaaleen alatti ergaman % 80-90 kanneen ta’an bifa kotiroobaandiidhaan biyyaa ba’aa turan. Keessumaa qabeenya beeladaa, fuduraafi muduraa, albuudaafi kanneen biroo irraa faayidaa argamuu qabu argachaa hinturre. Akka agarsiisaatti kuufanni warqii bara 2016 waggaa guutuu Baankii Biyyaaleessaa tureefi amma kurmaana duraatti qofa kan hojjetame yoo ilaalle, isa kurmaana tokkootu caala.

Akka waliigalaatti, damee indastirii, galii biyyaa, kenna tajaajilaa, misooma magaalaafi kanneen birootiin bu’aa qabatamaan dhufuusaa ilaalleerra.

Gara seektara Misooma Magaalaafi

Bu’uuraalee Misoomaatti yommuu dhufnu ammoo, haalli magaalaa akkaataa jijjiiramaan dura jiru wajjiin yommuu ilaalamu kan jiraataa magaalaa, magaalaafi dinagdee madaalu hinturre. Dinagdee waliigalaa biyyaa %55 magaalotatu gumaacha ture. Kun garuu dagatamee xiyyeeffannaan hundi misooma baadiyyaarra ture. Baadiyyaaf xiyyeeffanna kennuun sirrii ta’ullee akkaataa barbaadamuun bu’aa fiduufi dhiisuusaa madaallii barbaada. Magaalaan akka maxxantuu taateetti ilaalamaas ture.

Mootummaa jijjiiramaa as Paartiin Badhaadhinaa, keessumaa Kabajamoo Doktor Abiyi magaalooni guddina biyyaatiif gumaacha olaanaa akka taasisan hubachuun xiyyeeffannoo kennanii hojjiin eegalan bu’aa jajjabeessaa fideera, guddina magaalaafi baadiyyaa walciinaa adeemsisuun akka danda’amu agarsiisaniiru. Dameen qonnaa, indastirii, turizimii, albuudaafi tajaajila qunnamtii odeeffannoo hundisaanii guddina dinagdeef gumaacha mataasaanii qabu.

Keessattuu magaaloota keenya calaqqee badhaadhinaa taasifna; bakki mul’anni badhaadhinaa qabatamaan itti mul’atu magaalaa ta’uu qaba ilaalcha jedhuun xiyyeeffannaan olaanaa kennee imaammataafi tarsiimoodhaan dabalamee hojjetamaa jira; bu’aan qabatamaas mul’ataa jira. Kanaafis sosochii magaaloota keessa jiru ilaaluun ni danda’ama. Fakkeenyaaf magaalooni humni galiisaanii akka cimuu, kanaan baasii bu’uuraalee misoomaa akkasaa danda’aniif kallattiin taa’eera.

Akkaataa kanaan bara kana qarshii biliyoona 65, kurmaana tokkoffaatti immoo biliyoona 14 sassaabuuf karoofannee, gara qarshii biliyoona 13.4 (% 96) sassaabuun danda’ameera. Kun galii magaalooni maddisiisan yeroodhaa gara yerootti dabalaa jiraachuusaa agarsiisa. Galiin magaaloota guddate jechuun ammoo fedhii bu’uuraalee misoomaa jiraattoota magaalaa deebisuu keessatti gahee mataasaa qaba. Kun ammoo carraa turizimii harkisuu, hojii uumuu, investimantii harkisuufi kanneen biroo qaba. Gama kanaan hojii jajjabeessaan hojjetamuu qoranneerra. Kanaan walqabatee



Suurri: Daanyee Abarratiin

kenni tajaajilaa fooyya’aa jiraachuus nutti agarsiisa.

Hojjiin bu’uuraalee misoomaarratti hojjetamu dinagdee guddisuu keessatti shoor mataasaa qaba. Sagantaa ‘UIDP’ jedhamu, Baankiin Addunyaafi Mootummaan Itoophiyaa waliigaltee uumuudhaan kan hojjetamu yoo ta’u, magaaloota gara 117 irratti hojjechuuf mallatteeffameera. Bakka pirojektiin kun jiru hundatti bu’aa qabatamaan dhufeera. Fakkeenyaaf pirojektii kanaan daandii asfaaltii hojjechuun hindanda’amu. Asfaaltii qofa dhiisuun daandii miilaa, magariisummaafi kanneen biroo ittiin hojjetamaa jira; asfaaltii ammoo bulchiinsi magaalootaafi mootummoonni naannoolee akka hojjetan taasifameera. Gama kanaan hojjiin Magaalaa Adaamaatti hojjetame akka fakkeenyaatti kan ka’udha.

Pirojektii biraan Ministeera Misooma Magaalaafi Bu’uuraalee Misoomaatti hojjetamu keessaa seeftineetti magaalaa kan jedhudha. Inni kun isa kan baadiyyaatti hojjetamuun adda. Yeroo gabaabaaf kan turuufi jiraataa magaalaa sababa hanqina maallaqaan kadhaaf daandiitti ba’an manasaaniitti deebisuu, akkasumas, hojii mataasaanii uummatanii galii dabalataa akka uummatan kan deeggarudha. Kanas magaaloota 11tti eegallee 88n qaqqabsiisuu dandeenyeerra.

Qulqullina magaalaa wajjiin walqabatee wanti hojjetamu sagantaa kanaan deeggarama. Bari gaafa namni rafu kanneen magaalaa qulqulleessan,

magariisummaarratti hojjetan sagantaa kanaan hammatamu. Sa’atii muraasa hojii sagantaa kanaa hojjetanii, yeroo hafetti ammoo galii dabalataa akka argataniifis leenjii gaggabaabaan ni kennama; carraa liqaa xixiqqaa bu’uura qusannaasaaniitiin ni mijeeffamaaf. Haala kanaan qonni magaalaa sadarkaa aadaa ta’uurra qaqqabeera. Sagantaa kana keessatti % 65 kan fayyadamu dubartoota. Gama kanaan bu’aa qabatamaan argameera.

Akka waliigalaatti saffisni guddinni magalooti keenya itti guddataa jiran kan magaaloota Afrikaa waliin yommuu ilaalamu % 5.4n irra jira. Bal’inni magaalaafi baadiyyaa yoo walsimuu baate ammas lafa hektaara miliyoona 1.1 Itoophiyaan qabdu keessaa bakki magaalaa muraasarra jira. Dhibbantaa 80 kan ta’uu baadiyyaadha. Bal’inni magaalaa dabalaa yommuu deemu jiraataan magaalaa dabalaa deema. Hammuma jiraataan magaalaa dabalaa deemu bu’uuraaleen misoomaa dabalaa deema.

**Bariisaa: Ministeerri keessan rakkoo mana jireenyaa magaaloota furuuf maal hojjetee, fuuldurattoo maaltu karoofame?**

**Aadde Caaltuu:** Kanaa wajjiin walqabatee imaammanni mana jireenyaa akka biyyaatti hogganamaa ture keessattuu jijjiiramaan duratti sirrii hinturre; namni hundinuu abbaa mana jireenyaa ta’uu qaba jedhee mootummaan imaammataan deeggaraa

Gara fuula 7tti



## Qarreefi Qeerroo

# Waldaa maashinoota gara garaa kalaquun qulqullina omishaalee qonnaa mirkaneessaa jiru

Natsaannat Taaddasaatiin

**W**aldaa Hojii Sibiilaa Baayyuu, Tsahaayiifi Hiriyoosaaanii Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Furiitti argama. Walittiqabaan waldichaa Obbo Baayyuu Ita'aa Gaazexaa Bariisaatti akka himanitti, waldichi bara 2012 irraa eegalee hojii sibiilaarratti bobba'ee hojjechaa kan jiru yoo ta'u, yeroo ammaa maashinoota gara garaa kudhanii ol kalaqee omishuun fayyadamtootaaf dhiyeessaa jira.

Waldichi maashinoota midhaan gosa gara garaa dhahu, ocholoonii falfalu, hororuufi dhadhaa baasu, buna daaku, ashaboo daakuufi kanneen biroo sibiilarraa kalaqee omishuun fayyadamtootaaf dhiyeessaa jira. Maashiniin ocholoonii falfalu buna janfala ni falfala. Maashinii kana yeroo Barnoota Leenjii Teknikiifi Ogummaa fudhachaa turan kan kalaqan ta'uus eeraniiru.

Kaappitaala qarshii kuma 100n hojii sibiilaa kan eegale waldichi yeroo ammaa kaappitaala qarshii miliyoona ja'aa ol horachuun dargaggoota hedduuf carraa hojii uumee jiraachuu himanii, dargaggootni waldichatti miindeffaman ogummaafi muuxannoo hojii sibiilaa qaban akka guddifataniiif carraa gaarii argataniiru. Maashinootni gatii madaala'an gabaaf dhiyaatanis dargaggoota baay'ee carraa hojii bal'aa uumaa jiraachuu himu.

Waldichi maashinii midhaanota kanneen akka xaafii, qamadii, gaayyoo, shumburaa, misiraa dhahee calleessu kun humnaafi yeroo qonnaan bulaa qusachuun qulqullina midhaanii mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu himanii, haalli qona biyyattii baay'ee duubatti hafa ta'uun maashinota kana akka kalaqaniif kan isaan kakaase ta'uu dubbatu.

Waldichi gara fuulduraattis maashinoota guguddoo gara garaa kalaqee omishuun qonnaan bultootaaf kan dhiyeessu ta'uu himanii, namoonni qulqullinaafi faayidaa maashinoota keenyaa arganii gara keenya dhufaa jiru. Omishaalee waldichaa yuutuubiidhaan beeksisuun walitti hidhamiinsa gabaab bal'ifachaa jiraachuu dubbatu.

Maashinoota guguddoo hanga tiraakteriitti hojjechuu ni dandeenya kan jedhan Obbo Baayyuu, xiqqoo rakkisaa kan ta'u motoora (engine) biyya alaati dhufuudha. Maashinootni waldichi omishaa jiru jabinaafi qulqullina waan qabaniif rakkoo gabaab hinqabu. Namoonni baay'een faayidaa, qulqullinaafi jabina maashinoota keenyaa walirraa arganii dhufanii ajajaan hojjechiifachaa jiraachuus eeraniiru.

Waldichi maashinii ocholoonii falfalu kan biyya alaati galaa ture biyya keessatti kalaqee omishuun doolaara bahaa ture hambiseera. Maashiniin ocholoonii falfalu irra jireessaan gara Wallaggaa, Asoosaafi Chaagiiniitti kan ergame yoo ta'u, Chaagiiniitti maashinootni 300 ol kan ergan ta'uu himu.

Galteewwan maashinoota omishuuf barbaachisan motooraafi kushuneettiirraa kan hafe biyyuma keessaa arganna kan jedhan Obbo Baayyuu, sibiilota kaan biyyuma



Maashinoota waldichi omishu keessaa

keessaa bitanii ittifayyadamaa jiraachuufi gara fuulduraattis maashinoota guguddaa haaraa rakkoolee qonnaan bultoota furan kalaquuf kan hojjetan ta'uu eeru.

Obbo Baayyuu akka jedhanitti, utubaan dinagdee biyyattii qonna waan ta'ee waldichi gara fuulduraattis maashinoota omishaafi omishtummaa qonnaa guddisan kalaquurratti xiyyeeffatee hojjeta. Qonna biyyattii ammayyeessuun omishaafi omishtummaa guddisuun ofirra dabarree gara biyya alaati erguun galii sharafa alaa alergii omisha qonnaarra biyyattiin argattu guddisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Ibsaan addaan ciccituufi bakki omishaa itti dhiphachuun rakkoolee guguddoo hojiiratti isaan mudatan ta'uu himanii, bakka maashinoota guguddaa itti omishuuf mijatu gaafatanii jiru. Gaaffiinsaani utuu dafee deebii argatee kana caalaa omishuufi namoota baay'ee carraa hojii dabalataa kan uuman ta'uu dubbatu.

Waajjirri Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Magaalaa Shaggar bakka hojii kennuufiin akkasumas to'annoofi deeggarsa barbaachisu taasisuun waldicha bira dhaabbachaa jiraachuu himanii, waldichi gara fuulduraattis maashinoota haaraa gara garaa kalaqee omishuuf akkasumas dargaggootaaf carraa hojii bal'aa uumuuf karoofatee hojjechaa jiraachuus himaniiru. Waldaaleen kalaqa gara garaa omishaa jiran kamuu utuu deeggarsa barbaachisu argatanii omishaalee rakkoolee hawaasummaa furan gara garaa hojjechuu kan danda'an ta'uu himu.

Dargaggoo Guutaa Waaqshuun Waldaa Hojii Sibiilaa Baayyuu, Tsahaayiifi Hiriyoosaaatii miindeffamee hojii kalaqa maashinoota gara garaa irratti bobba'ee hojjechaa jira. Waldichi maashinii midhaanota gara garaa kanneen akka qamadii, xaafii, shumburaa, gaayyoo, misiraa dhahee calleessu akkasumas maashinii ocholoonii


falfalu qonnaan bultootaaf dhiyeessaa jira. Qonnaan bultoonni kanaan dura ocholoonii guyyaa guutuu harkaan falfalaa turan yeroo ammaa maashinii ocholoonii falfalu fayyadamuudhaan humnaafi yeroosaanii qusachaa jiru.

Akka dargaggoon kun jedhutti, maashinootni dhiyaatan yeroofi humna qonnaan bultoota qusachuura darbee qulqullina callaa midhaanii mirkaneessuu keessattillee gahee olaanaa qabu. Maashinootni ocholoonii akkaa'u, hororuufi dhadhaa baasu akkasumas buna akkaa'u, ashaboo daaku, nyaata beelladoota qindeessuufi daabboo tolchuuf fayyadan biroonis waldichaan hojjetamaniiru. Dargaggoonni dhuunfaadhaanis ta'u gurmaa'anii maashinoota dhiyaatan bitatanii ittifayyadamaa jiru.

Utuu waldichatti hinmiindeffamiin dura hojii dhabaa akka ture kan himu Dargaggoo Guutaan, muuxannoo horateen yeroo ammaa maashinoota adda addaa kamiyyuu hojjechaa jira. Maashinootni waldichatti kalaqamanii omishamaa jiran yeroo gara yerootti fooyya'iinsa guddaa agarsiisaa waan jiraniif gabaarratti baay'ee barbaadamu. Hanqina motooraaf malee maashinoota guguddaa gara garaa hojjechuuf humnaafi dandeettii gahaa qabaachuu dubbata.

Waldichi deeggarsa barbaachisu utuu argatee kana caalaa guddachuufi maashinoota guguddaa gara garaa kalaqee omishuu akkasumas dargaggootaaf carraa hojii bal'aa uumuu danda'a kan jedhu dargaggoon kun, maashinootni omishamanii gurguramanis dargaggootaaf carraa hojii bal'aa uumaa jiru. Maashiniin tokko dargaggoota 60fi isaa oliif carraa hojii uumeera. Waldichi maashinoota dhalootaaf darbu hojjetee dhiyeessaa jiraachuus eereera.

Dargaggoonni yeroo ammaa sammuusaanii hojiin hinjiruudhaan dadhabsiisaniiru kan jedhu Dargaggoo Guutaan, har'a yerootti



Obbo Baayyuu Ita'aa



Dargaggoo Guutaa Waaqshuun

qoosnaan yeroon bor namatti qoosa waan ta'eeef dargaggoonni yeroofi humnasaaniitti sirnaan fayyadamuu qabu. Hojiin dhibee utuu hintaane hojii filachuufi tuffachuutu jira. Namni tokko olba'ee jiraachuuf gadbu'ee hojjechuu qaba. Dargaggoonni ilaalcha hojii tuffachuufi filachuu keessaa ba'uu akka qaban yaadachiiseera.

Akka Dargaggoo Guutaan jedhutti, hojii xiqqaarraa jalqabuun fooyyeffachaafi galii ofii guddifachaa deemuun ni danda'ama. Altokkoon sadarkaa guddaarra gahuun waan hindanda'amneef hojii utuu hintuffatiniifi hinfilatin hojjechuun barbaachisaadha. Hojii hinqabu jedhanii maatii, nama biraafi mootummaa komachuun sirrii miti. Waanti guddaan barbaachisu sammuu ofii amansiisani hojiitti seenuudha jedha.

Dargaggoonni humnaafi yeroo qabanitti sirriitti fayyadamuun halkaniifi guyyaa hojjennaan sadarkaa barbaadanirra gahuu ni danda'u kan jedhu dargaggoon kun, mana puulii, jimaa, dhugaatiifi wantoota araada isaan qabsiisanirraa fagaachuun yeroosaanii guutuu hojiiratti dabarsuu qabu. Dargaggoonni of mitii utubaa biyyattii waan ta'aniif hojjetanii ofisaanii, maatiifi biyyasaanii jijjiiruurratti xiyyeeffachuu akka qaban gorsa.

Dargaggoonni maatiifi biyyaaf motoora jijjiiramaa ta'uu qabu. Jabaatee kan hojjetu yoomiyyuu hinkufu. Kan jabaatee hojjetu hinkufu, yoo kufes ni ka'a. Kan kufee hafu nama abdi kutatuufi sammusa amansiisee hojiitti hinseenneedha. Dargaggoonni galii hojjetanii argatanirraas qusachuu qabu. Kan nama nama taasisuufi nama kabajchiisu hojiidha.

Barumsa xumuree hojii malee taa'aa kan ture Dargaggoo Guutaan, yeroo ammaa garuu dargaggoota hedduuf fakkeenya gaarii ta'eera. Galii argachaa jiruun ofiifi maatiisaa jiraachisaa jiraachuus eereera.



# Abbaa Sa'aa

## Bu'aafi baay'ina beeyiladaa walsimsiisuun toora xiyyeeffannoo ta'uu qaba

### Waaqshuum Fiqaduutiin

Itoophiyaan qabeenya beeyiladootaan Afrikaarraa sadarkaa jalqabaa addunyaarraa ammoo sadarkaa 5ffaa irratti arganti. Ragaan qorannoo Dhaabbata Horsiisa Beeyiladaafi Saayiinsii Bu'aalee Beeyiladaa ALA bara 2020 mul'isutti Itoophiyaa loon miliyoona 71, hoolaa miliyoona 43, re'ee miliyoona 54, lukkuu miliyoona 57, kotte duudaa miliyoona 13.33fi mootii kanniisaa miliyoona torba qabdi. Dameen beeyiladaa omisha waliigalaa guddina dinagdee biyyattiif dhibbantaa 19, sharafa alaa argamsiisuu keessatti dhibbantaa 16-19 akkasumas carraa hojii uumuu keessatti qoodnisaa dhibbantaa 30 dha.

Haa ta'u malee, sababoota garagaraan Itoophiyaan hanga ammaatti bu'aan baay'inaan beeyiladaa madaalu argataa hinjirtu. Rakkoo hubannaa, jijjiirama haala qilleensaafi imaammatni nageenya beeyiladaa dhibuun rakkoo omishtummaa beeyilaafi bu'aalee beeyiladaa hir'isan keessaa isaan ijoodha.

Tibba darbe mariin nageenya beeyiladaarratti fuuleffateefi qooda fudhattoota hedduu hirmaachise Instiitiyuutii Qorannoo Beeyilada Addunyaatiin adeemsifamee ture. Itoophiyaan qabeenya beeyiladaa olaanaa qabaattus omishtummaa/ bu'aan isheen damee kanarraa waggaa argattu kan biyyoota Afrikaa Bahaa biroon yommuu wal bira qabamu gadaanaadha. Horsiisa beeyiladaa mala aadaarratti hundaa'eeffii fayyadamummaa teknolojii daran gadaanaa ta'e rakkoo bu'a qabeessummaa damichaa qancarsan keessaa isaan muraasa.

Jijjiiramni haala qilleensaa, keessattuu ongeen walqabatee beeyiladoota Itoophiyaa hedduurraa hubaatiin dhaqqabeera. Waggaa lama dura Itoophiyaa dabalatee ongeen Afrikaa Bahaa mudate waggootan 40 asitti isa hamaa ta'uun irra deddeebiin ibsamaa tureera. Ragaaleen tokko tokko akka ibsanitti ongeen kun naannolee Oromiyaafi Sumaalee qofatti lubbuu beeyiladoota miliyoona 4.5 olii galaafateera. Tumsi sadarkaa federaalaa hanga naannoleetti taasifame osoo lafaa ta'ee sababa ongee hamaa kanaan lubbuun hafuun beeyiladootaayyuu shakkisiisaa ture. Keessattuu horsiisee bultoonni jireenyisaanii beeyiladarratti hundaa'ee hedduun ongee hamaa lubbuu beeyiladootaaf yaadessaa ta'e kanaan soda hamaa keessa galanii turan.

Baay'inaan qofa boonuunis rakkoo omishtummaa beeyiladoota gad xiqqeessan keessaa isa tokko. Itoophiyaatti bu'aa argamu osoo hin xiinxaliin lakkoofsa beeyiladaa qofaan boonuun baay'otaan amaleeffatamee jira. Fayyaafi nyaata beeyiladaa gahaa kennuun beeyiladoota xiqqoorraa bu'aa guddaa argachuun hin baratamne. Mala saayiinsiirraa mala aadaan omishuun, sanyii beeyiladaa omishtummaansaani olaanaa ta'e filachuunis dhimmoota akka rakkootti eeramanidha.

Doktar Wubsheet Zawudee Ministira Qonnaatti Raawachiisa Hojii Dursaa Fayyaa Beeyiladoota akka ibsanitti, nageenyi beeyiladaa dhimma ijoo ta'uun hubatamee

guyyaan beeyiladaa akka addunyaatti marsaa 99ffaa akka biyyaatti ammoo marsaa 14ffaa akka kabajamu ta'eera. Nageenyi beeyiladaa nageenya dhala namaan hariiroo kallattii qaba. Itoophiyaan baay'ina beeyiladaan Afrikaarraa sadarkaa jalqabaarra jiraattus nageenya beeyiladaarratti hojii bal'aan waan hin hojjetamneef bu'aalee beeyiladaa alatti erguun bu'aa barbaadame argachuurratti danqaa uumaa jira. Haa ta'u malee, yeroo dhiyoo as xiyyeeffannaa bal'aan kennamuusaan labsiin fayyaafi nageenya beeyiladaa Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataaf dhiyaatee akka ragga'uu eegamaa jira.

Akka isaan jedhanitti, nageenyaafi fayyaa beeyiladaa mirkaneessuurratti hojiin hubannoo uumuu dhimma ijoo ta'uun hubatamee itti adeemamaa jira. Beeyiladaafi bu'aan beeyiladaa fayyaaleessa akka ta'uuf dhimmi fayyaa beeyiladaa murteessaadha. Kotte duudaa tajaajila garaagaraaf itti maayii ba'uun wayita dhukkubsataniifi dadhaban daandii gubbaatti gatuun seeraan ala waan ta'eeff labsii ba'e kanaan furmaata kan argatu ta'a. Walumagalatti, beeyiladni fayyaaleessi hin jiru taanaan namni fayyaanis hin jiru waan ta'eeff bal'inaan irratti hojjechuu gaafata.

Guyyaan beeyiladoota addunyaa wayita kabajamuu dhimmootni furtuu shan hubatamuu qabu. Isaanis tokko, beeyiladootni bishaan dhugaatii qulqulluufi nyaata isaan barbaachisu argachuun rakkoo beela'uufi dheebochuurraa bilisa ta'uu qabu. Lammaffaa Beeyiladootni bakka ciisichaafi boqonnaa argachuun mirga naannawaa mijataa ta'e argachuu qabu. Sadaffaa, yoo madaa'aniifi dhukkubsatan mirga wal'aanamuu qabu. Afraffaa, fedhiifi amala uumamaan qaban haala mijaa'aa ta'een akka calaqqisiisuuf mirga guutuu qabu. Shanaffaa, Wantoota isaan jeeqan, boqonnaa isaan dhorkaniifi isaan rifaasisan irraa bilisa ta'uu qabu.

“Mirgootni beeyiladootaa kunneen akkuma jiranitti ta'ee bu'aafi omishtummaansaani mirkaneessuuf nyaata gahaafi mijataa dhiyeessuufiin akkasumas fayyaafi nageenyasaaniif xiyyeeffannoo addaa kennuun barbaachisaadha. Beeyiladni nyaataafi bishaan gahaa hin qabne bu'aa kennuun haa hafuutti lubbuun jiraachuufuu rakkisaadha. Beeyiladootni kan jeeqaman yoo ta'e omishtummaansaani gad bu'aa ta'uun dabalata gama bu'aa qabeessummaanis hagas mara filatamaa miti” jedhu.

Pirezidaantiin Waldaa Ogeessota Fayyaa Beeyiladaa Doktor Bojaa Indabuu gamasaaniin akka jedhanitti, Itoophiyaaf beeyiladni waa mara. Omishni qonnaa biyyattii irra jireessaan lafa qotuurraa eegalee hanga omishamee mana galutti humna beeyiladaan kan raawwatamudha. Wabiin midhaan nyaataa biyyattii keessattis qoodni beeyiladaafi bu'aa beeyiladaa olaanaadha. Beeyiladni bu'aa hawaasummaafi dinagdee olaanaa qaba.

Hanqinni bu'uuraalee misoomaa, sadarkaa iftaandardiin beeyiladaa qixa sirriin hojiirra ooluu dhabuun, rakkoon sirna odeeffannoo gabaa ammayya'aafi wayitawaa, lafti margaa qonnaan haphachaa dhufuu, walitti bu'iinsa lafa dheeddicharratti mudatuufi hanqinni dhiyeessii bishaanii rakkoo omishtummaafi



Qabeenya beeyiladaa Itoophiyaan qabdu keessaa

horsiisa beeyiladootarratti dhiibbaa uuman biroo ta'uu kaasuu.

Fedhiin beeyiladaafi bu'aa beeyiladaaf jiru yeroodhaa gara yerootti dabala waan jiruuf horsiisa beeyiladaa dabaluun akkuma jirutti ta'ee nageenyiifi fayyaansaani xiyyeeffannoo argachuun dirqama ta'uu eeranii, keessattuu Itoophiyaatti baay'inni jiraattota magaalaa dabalaa jiraachuun walqabatee fedhii dabalaa jiruun bara 2028tti fedhiin foon soorachuu kan loonii dhibbantaa 200, kan re'ee dhibbantaa 114.3, kan gaalaa dhibbantaa 83.3, kan lukkuu dhibbantaa 80, kan killee dhibbantaa 335.6 kan dabaluu ta'uun ibsameera.

Akka ibsasaaniitti, Itoophiyaan alattis horsiisni beeyiladoota biyyoota gaanfa Afrikaa hedduu keessatti madda galii, carraa hojiifi soorata ta'ee tajaajilaa jira. Fakkeenyaaf Keeniyaa keessatti guddina dinagdee qonnaarraa maddu keessaa dameen beeyiladaa dhibbantaa 42 gumaacha. Naannawa gammoojjiiif gariin gammoojjii ta'an biyyattii keessatti namoota 10 keessaa jireenyi namoota 9 horii horsiisuurratti kan bu'uureffame yommuu ta'u maddi galii naannawaalee kunneen dhibbantaan 95 dameedhuma kanarraa argama.

Akkuma waliigalaattuu qabeenya beeyiladaa Afrikaan qabdu keessaa dhibbantaan 50 Afrikaa Bahaatti kan argamu yommuu ta'u loon miliyoona 107.2, hoolaaifi re'ee miliyoona 178.8, gaala miliyoona 1.3 akkasumas booyeen miliyoona 4.4 ta'an qabeenya naannawaan kun qabu ta'uu

himanii, Keeniyaa Itoophiyaa, Somaaliyaafi Ugaandaa waliin gabaa waloo akka qabdu ni dubbatu.

Haa ta'u malee, Itoophiyaa dabalatee rakkooleen omishtummaa beeyiladaa xiqqeessan dhimmoota biyyoota Afrikaa Bahaa walfakkeessan ta'uu kan ibsan Doktor Bojaan, mala ammayyaarraa mala aadaan beeyilada horsiisuun, fageenya dheeraa gatii qaalii kaffaluun beeyiladaa geejibsiisuun, sirni bulchiinsaa gabaa istookii/ kaappitaalaa beeyiladaa dhibuun, hanqinni odeeffannoo gabaa gahaafi dhiyeessii fedhii bu'uureffate dhabuun rakkoo biyyota Afrikaa Bahaa hundaa ta'uu kaasuu.

Gama biroon bitaafi gurgurtaa gidduu dinagdee gooroofi gooreen walitti gahaan dhabamuu, imaammatniifi bulchiinsi beeyiladaa iftoomina dhabuu, darbee darbee daangaa walitti cufuufi gabaa daangessuufi qaala'iinsa gatii geejibaa rakkoo horsiisaafi fayyadamummaa damee beeyiladootaan walqabatan ta'uu eeru.

Walumaagalatti, dameen beeyiladaa dhimmoota maqaan Itoophiyaa akka Afrikaatti akka ka'uu taasisan keessaa tokko ta'us gama irraa fayyadamuun garuu hojii manaa bal'aatu hafa. Dameen kun Itoophiyaaf qofa osoo hintaane akka Afrikaa Bahaattuu damee wabii midhaan nyaataaf, carraa hojiif, madda galiifi guddina dinagdee biyyaaf abdatamudha. Haa ta'u malee sababa jijjiirama haala qilleensaa, horsiisa mala aadaarratti hundaa'ee, rakkoo nyaataafi fayyaa beeyiladaatiin bu'aan barbaadamu argamaa hinjiru.

# AADAIFI AARTII

## Irreecha duulaafi ololaan osoo hinxiqqaatiin ijaafi qalbii addunyaa hawwataa jiru

### Waasihun Takileetiin

Ayyaanni Irreechaa waggaa waggaan yeroosaa eegee walduraa duubaan kan gaggeeffamaa ture yoo ta'u, ijaafi qalbii addunyaa ta'aa dhufeera. Ijaafi qalbii addunyaa ta'aa dhufuusaarraa kan ka'e jilli tuuristoota sadarkaa Afrikaa, Awurooppaafi Eeshiyaarraa baba'e keessumattuu ayyaana guddaa Irreecha Hora Finfinneefi Harsadeerratti argamuun waan fagoo taa'ee hawwaa ture ijaan arguun Oromoon hammataa ta'usaa qabatamaan agarsiiseera.

Bu'uuruma kanaan ayyaana Irreechaa Malkaa Ateetee Buraayyuutti kabajamaa turerratti Irreechi akka dhabamsiifamuuf duulli guddaa taasifamaa tureera ta'us qabsoo hadhaa'aafi obsa fixachiisaa Oromootiin kunuunfamee har'a ijaafi gurra addunyaa keessa galuu hirmaattonni nikaasu.

Barsiisaa Tashoomaa Bongaasee jiraataa magaalaa Buraayyuuti, ayyaana Irreechaa waggaa waggaan maatiisaanii waliin ta'uun kan kabajan yoo ta'u, birraan yoo bari'u warra jilaaf gammachuudha warra aadaafi duudhaa namootaa balleessuuf ykn dhaaluuf kaka'aniifimmoo yeroo fuula guuranidha jedhu.

Inaaffaan nama cimsa malee duubatti nama hindeebisu jedhanii, Irreechi ilaalcha inaaffaa cabsee ayyaana Oromoon alatti sabaafi sablammoonni kanamalees lammiileen Afrikaa, Awurooppaafi Eeshiyaa dammaqinaan irratti hirmaachuun uumaasaanii itti galateeffataniifi gammachuusaanii itti dhandhaman ta'uu ibsu.

“Oromoon ababoofi marga jiidhaa qabatee malkaa bu'ee uumaasaa galateeffata malee uumama hingalateeffatu haata'u garuu namoonni faallaa falaasama kanaa ta'an ayyaanicha ayyaana amantaa fakkeessuuf yoo yaalan mul'atu. Aadaafi amantiin walkeessa haa jiraataniyyuu malee Oromoon malkaatti bahee kan galateeffatu waaqa malkaa uumte, tulluu uumte akka malkaa kanaa nu baay'isi akka tulluu kanaa nuguddisi jechuun uumama qabatee uumaasaa galateeffata” jedhu.

Akkasaan jedhanitti, hordofaa amantii garagaraa ta'uun malkaatti yoo ba'amu kan galateeffamu Waaqa uumaadha malee malkaa miti, odaa miti tulluu miti. Warri hubannoo kanaa hinbeekne ammoo akka Oromoon malkaa ykn tulluu galateeffatuutti jallisanii ilaaluun sirrii miti.

Ummatni Oromoo aadaa, duudhaafi safuu qaba, darbees kabaja namaaf qaba kan jedhan Barsiisaa Tashoomaan, sirna dimokiraatawaa kana garuu xureessuuf kan yaalan jiraachuu himu.



Barsiisaa Tashoomaa Bongaasee

Kanas ta'e sana Oromoon malkaatti kan bahu abaaboofi marga qabatee bifa nagaan kan ayyaaneffatu ta'uusaatiin ayyaanichi hunda kan hirmaachisu ta'aa jiraachuu himu. Ayyaanni Irreechaa ijaafi gurra addunyaa erga ta'een as galmee 'UNESCO' irratti galmeesisuuf sosochiin gara garaa taasifamaa jiru keessumattuu waraqaan qorannoo gaggeeffamaa jiru jajjabeessaa ta'uu kaasu.

Oromoonni akkuma sirna gadaa Irreecha galmee UNESCO irratti galmeesisuuf tattaaffii barbaachisu taasisuun akka irraa eegamu kaasanii, keessumaa qeerroofi qarreen Oromoo imaanaa abbootiin isaanii ittilaatan galmaan ga'uuf carraaquu akka qaban dhaamu.

Ayyaana Irreechaa bakkeewwan gara garaatti gaggeeffamaa turerratti abbootiin, hayyoonni, dargaggoonni simboofi miidhagina ayyaanichaa ta'aa jiraachuu eeranii, duudhaan eebbaa, walduraaduubni adeemsa malkaatti taasifamu naamusaaniifi dhiichisa garagaraan dabalamee, uffata aadaan faayamee yoo gaggeeffamu miira namaa keessatti waa baay'ee akka uumuu dubbatu.

“Ayyaanni Irreechaa kan obbolummaa, jaalalaafi tokkummaa waan ta'eef hunda hammachuun walqixa jaalalaan keessummeessaa tureera. Qeerroofi qarreen uffata aadaan faayamanii wallee godinoota gara garaan dhiichisa dabalaa miidhagina ayyaanichaaf simboo addaa ta'aa jiru.

Uffanni aadaa godinoota Oromiyaa gara garaa kun ayyaanaa sirnoota keenyaaf miidhagina kennuun alatti faashinii yaadaafi qalbii ija addunyaa hawwataa akka ta'u godhee jira” jedhu.

Ammas imaanaan dhaloota haaraa kana harka jiru guddaa ta'uufi kan abbootiin asiin ga'an isa egereeffimmoo itti gaafatamummaan qeerroofi qarreen fudhatee jiru daran olaanaa ta'uu dagatamuu akka hinqabne yaadachiisu.

Abbootiin ayyaanaa sirnoota duudhaa gara garaa Oromoon qabu sirna cunqursaa garagaraarraa tiksuun irratti



Barsiisaa Alamu Magarsaa

wareegamanii waliif dabarsuun asiin ga'uu kan ibsan Barsiisaa Tashoomaan, isaanis kunuunsaa qorannaafi qo'annan deggaraa dargaggootatti kennaa jiraachuufi imaanaan dhaloota haaraatti kennamu kun ayyaanonni keenya yaadqalbii addunyaa keessa seenanii galmee UNESCO irratti akka galmaa'aniif kan akeeke waan ta'eef irratti hojjechuun dirqama ta'uu kaasu.

“Ani maatiikoo waliin waggaa waggaan irreeffataan jira ilmaankoo xixiqqaa nawaliin deemanii duudhaa walduraaduuba ayyaanichaafi maalummaasaa baraa jiru. Dirqamni abbootii dhaloota barsiisuu, bocuu qaruufi sabboonummaan maal akka ta'e ijaaranii guddisuudha. Anis dirqama kana bahachaa dhalootni duuba jirus warra imaanaa nyaatu ta'uu hinqabu” jedhu.

Waan Oromoon qabu xiqqeessuuf kan kaka'u hedduu ta'uu kaasanii, ilaalchota booddeetti harkisaa akkanaa cabsuun sadarkaa har'a ga'amerra ga'uun injifannoo guddaa ta'uusaatiin bilisummaan ba'anii irreeffatanii galaa jiraachuu kan himan ammoo jiraataa magaalaa Buraayyuun kan ta'an Barsiisaa Alamu Magarsaati.

Irreechi kan Oromoo hundaa ta'uusaatiin amantii wajjiin walqabsiisuun sirrii akka hintaaneefi, ilaalchi akkanaa sirrachuun akka irra jirus ni eeru.

“Anaafi maatiinkoo amantii mataa keenya qabna; malkaa bunee yoo irreeffannummoo uumaa keenya galateeffaanna malee malkaa miti. Kana ammo dhalootni amma jirus sirriitti hubatee sabboonummaasaa cimsuu qaba. Kanas ta'e sana Irreechi ilaalcha inaaffaafi jibba irra jiru ofirraa mulqee Itoophiyaa keessa darbee sadarkaa Afrikaa, Eeshiyaafi Awurooppaatti qalbii lammiilee gara garaa seenuun hawwataa ta'aa jira” jedhu.

Ayyaana Irreechaa bara kana Hora Finfinneefi Harsadeetti kabajamerratti ummanni miliyoonotaan lakkaa'amuufi amantii gara garaa hordofu waliin bahee kabajachuu kaasanii, warri dura fagootti jibbaa ija inaaffaan ilaalaa turanis

qalbii diddiirratanii miidhaganii bahuun ayyaanichi kan obbolummaa jaalalaafi tokkummaa ta'uu qabatamaan agarsiisaa jiraachuu ibsu.

Akka ibsasaaniitti, inaaffaan dura ture aangoo dahoo godhachuun ayyaanota Oromoofi Oromoo lafaa balleessuu ture. Haata'u garuu Oromoon galaana waan ta'eef ija inaaftotaan hinbanne, jibba hamootaan hingogne, kana hunda darbee ijaafi qalbii addunyaa keessa seenuu danda'eera.

“Ayyaanaafi duudhaa Oromoo dhiibbaafi humnaan balleessuun waan dadhabameef amammoo ayyaanota akka irreechaa amantiin walfakkeessuun namoonni bahanii akka hinirreeffanne danqaa ta'uuf yaalanis dhaloonni eenyummaasaan boonu ayyaanaaf sirnootasaa duudhaaf gadaasaa asiin gahateera. Oromoon kana booda duubatti hindeebi'u, ilaalcha inaaffaa ayyaanaa sirnootasaa sakaallaa ta'an cira biyyas jijjiiraa akkuma Sirna Gadaa UNESCO'tti galmeesise Irreechas galmeesisuuf tattaafachuun dirqama dhaloota kanaati” jedhu.

Uffanni aadaa miidhagina kennuun alatti fashinii Oromoo guddisee madda dinagdee taasisuun biyya keessaaf alatti barbaadummaasaa olka'aa jiraachuu kaasanii, Oromoon aadaa, duudhaafi hojiilee kalaqaa gara garaanis uummata qarooma falaasamnisaa kunis qaroomina Kushiif bu'uura akka ta'e agarsiistuu guddaa ta'uu himu.

Har'a Irreechi cancala inaaffaafi jibbaa ciree ijaaf yaadqalbii addunyaa keessa seeneera kan jedhan Barsiisaa Alamuun ulaagaa galmee UNESCO'irra isa qubachiisu kan guutu waan ta'eef irratti hojjechuun dirqama hayyotaa ta'uu kaasu.

Abbootiin keenya dukkana keessa ta'anii hedduusaanii itti wareegamanii kaan itti dhiiganii kaan qaamasaanii itti hir'isanii aadaafi duudhaa Oromoo, Afaan, sabboonummaafi irra caalaattimmoo Oromiyaa biyya taate dhalootatti dabarsuu eeranii, imaanaa bu'aaqabsoo hadhaa'aa ta'e kana fuudhanii biyya ijaaraa jiraachuufi Itoophiyaa biyya walqixxummaan sabaafi sablammiitti mirkanaa'e, dimokiraasiin itti lalisee taasisuuf hojiitti waan jiramuuf mootummaa waliin dhaabachuu akka barbaachisu hubachiisu.

Walumaagalatti sabaaf sablammiileen Itoophiyaa marti aadaa, duudhaa, afaan, amantiifi eenyummaa gara garaa qabaatus biyya tokko ijaaruuf hamma deemamutti miira namalee keessaa ba'uun garaagarummaan aadaa, afaaniifi amantii simboofi madda galii ta'uu danda'uusaarratti hojjechuun hundarraa eegama.

## Naannoo Amaaraatti namoota rakkoo nageenyaa da'atanii malaammaltummaa raawwatanirratti qabsa'amaa jira

### Waaqshuum Fiqaduutiin

**Finfinnee:** Naannoo Amaaraatti namoota rakkoo nageenyaa da'atanii malaammaltummaarratti bobbo'an ummatni hadheeffatee irratti qabsa'aa jiraachuu Mootummaan Naannichaa ibse.

Hogganaan Biiroo Koominikeeshinii Naannichaa Doktor Mangashaa Faantahuu sochii hawaasummaafi dinagdee akkasumas waltajjii marii hawaasaa ilaalchisee Gaazeexaa Bariisaaf ibsa kennaniiru.

Akka isaan jedhanitti, waltajjiin marii ummataa magaalota naannichaa hunda keessatti adeemsifameen nageenya naannichaa waressuun, hannaafi saamicha rakkoo nageenyaa da'effachuun raawwatamaa jiru maqsuun dhimmoota ijoodha. Nageenyi naannichaa akka waara'uuf ummatni dirqama isarraa eegamu hunda ba'uuf qophii ta'uu mirkaneesseera. Hoggansa dabalatee namoota rakkoo nageenyaa da'effachuun hojii malaammaltummaarratti bobba'an hadheeffatee irratti qabsa'uufi saaxiluu cimsee akka itti fufu ibseera.

Kana malees, pirojektoonni misoomaa sababa rakkoo nageenyaaf ijaarsisaanii



Doktor Mangashaa Fantaahu

adda citeefi dhaabbilee tajaajila hawaasaa miidhaan irra ga'eef mootummaa xiyyeeffannoo addaa akka kennuu gaaffii ummataa ta'uu eeraniiru.

Yeroo ammaa waamicha nageenyaa simatanii qaamotni hidhatanii socho'an hedduun mootummaatti harka kennachuun gara nagaatti deebi'aa jiraachuu himanii; Godina Walloo Kibbaatti qaamolee kunneen tibbana baay'inaan harka kennachuu akka

fakkeenyaatti kaasanii.

Haaluma walfakkaatuun, naannichatti hojii omisha ga'ee oyiruurraa sassaabuu bal'inaan adeemsifamaa jiraachuu ibsanii; bara kana haala nageenya hamaa keessatti xaa'oo qonnaan bulaa biraan ga'uun akka danda'ameefi rooba gahaa roobaa jiruun omishtummaan argamu biyyarra darbee alergiifuu akka ta'uu abdatamaa jiraachuu dubbataniiru.

Gama biroon, osoo farreen nageenyaa adeemsa baruufi barsiisuu danquuf sochii walirraa hin citnee taasisanii bakkoota muraasarraa kan hafe barnootni itti fufee jiraachuu eeranii; barana naannichatti barnoota eegalchiisuuf barsiisonni aarsaa lubbuu kaffalan illee akka jiran yaadachiisaniiru.

Sagantaa nyaata barattootaa ilaalchisee naannichi rakkoo nageenyaa hamaa keessa waan tureef akka naannolee biro hojii bal'aan hojjetamuu baatus sadarkaa jalqabbiirra jiraachuu ibsanii.

Kana malees, weerarri dhibee busaa sodaa naannichi qabu ta'uu eeranii; fayya ummata naannichaa mirkaneessuuf buufatalee fayyaa rakkoo nageenyaan hubaman suphuu cinatti weerara kana ittisuuf hoggansi sadarkaan jiru tumsa taasisaa akka jirus hubachiisaniiru.

## Calaaqqee Oromummaa walsakaaluurraa ...

bosonaafi gammoojjii keessa isaan joorsaa ture tooratti deebi'aa jiraachuu mul'isuuf akka ta'e Jaal Ibsaan ibsanii. Kaleessas bosona Oromiyaa hanga gammoojjiiwwan biyya hamaa keessa kan isaan naanneesseefi umuriisaanii guutuu gara isaan gaafachuutti kan ce'e qabsoon hidhannoo dantaa dhuunfaa akka hin turre barreechan kitaabasaanii keessatti caqasaniiru.

Injifannoon har'a argame injifannoo paartii tokkoo osoo hin taane aarsaa ummata bal'aan kan argame waan ta'eef injifannoo walooti. Kanaaf, irraa maquufi biyya jibbuun ulaagaa kamiinuu doofummaafi maraatummaa yoo ta'e malee qabsoo kamittuu akka hin lakkaa'amne Jaal Ibsaan hubachiisaniiru.

"Inni Salaalee, Ani Baalee Oromummaatu nu dhaale" jechuun bu'aa ce'ii qabsoo hidhannoo keessaa waliin dabarsan kan yaadachiisan ammoo Obbo Amiin Jundiiti. Akka isaan jedhanitti, Oromoofi Oromummaan ilaalchisaa paartiif dantaa dhuunfaa oli. Jaal Ibsaan bara Oromoon godina garaagaraa wal hin beekne, eenyummaasaa gosaafi amantaan himatuufi maqaa fokkataa waamamu Oromummaa hundeen gad dhaabuuf qabsoo hidhannooti makame. Bara dukkanaa sana keessaa qabsoo hidhannoo hanga qubee dhaloota barsiisuun qooda fudhataniidha. Bari dukkanaas injifannoo argame itichuuf nama yaadaa hanga tarsiimootti kitaabaan masakee dhiyeessedha.

Hayyuun Saayinsii Hawaasaa Doktor Mulugeetaa Dabbabaa gamasaaniin, Jaal Ibsaan sochii Maccaafi Tuulamaan walqabatee namoota abbaansaanii



mooticha Hayilasillaaseen galaafataman keessaa isaan tokko. Bara Dargii tajaajilaa Darguu fakkaachuun Oromoo hedduu gargaaruu danda'aniiru, dhiibbaa eenyummaa taasifamuufi Oromummaa akdka dibaa ibidaa keessasaaniitii hollatuun gara qabsoo hidhannooti seenuun biyyoota ollaa hanga biyyoota fagootti jireenya baqaa hadhaa'aa dabarsaniiru. Waamicha gaaffii Oromoo kaleessaa sadarkaa har'a irra jiru hubachuun waamicha Ministirri Muummee taasisaniin biyyatti deebi'uun kitaaba seenaan hin dagatne Oromoofi Oromiyaa itichu gumaachuu danda'aniiru. Jibba yookiin deeggarsa waliigalaa keessaa ba'uun waan sirrii jajjabeessuun, hanqina qeequufi kallattii fuulduraa akeekuun Oromummaa sirrii ta'uu Jaal Ibsaan akeektuu tokkodha.

Pirezidaantiin Oromiyaafi Afyaa'iin Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa duraanii Obbo Abbaa Duulaa Gammadaa gamasaaniin akka jedhanitti, Oromoo saba bal'aa keessatti miti maatii tokko

keessattuu garaagarummaan ni jiraata. Garaagarummaan jiru garuu gara biyya waloo diiguufi garbummaa kaleessaatti Oromoo akka hin geessine of eeggachuun barbaachisaadha. Ilaalcha fedhe haa qabaatu Oromoon waggoota 27 darbanitti barjaa ABO dararamaafi hacuucamaa ture. Dhugumaanis osoo ABO hin jiru ta'eera ta'e Dh.D.U.On hin jiru ture. Garuu ammoo osoo ABO biyyaa baqachuu dhiisee hacuuccaa ture dandamatee biyya tureera ta'e Oromoon waggootan 27 darbaniif wareegama ulfaataa hin kaffalu ture.

Akka Oromootti biyya tokko Oromiyaa, Itoophiyaa waliin qabna jedhanii; garaagarummaa yaadaan biyya waloo qabnu diiguuf kan carraa qnu yoo ta'e siyaasa galmaan ga'achuu miti jiraachuunuu hin yaadamu. Oromoon garaagarummaa jiruun walirratti duuluun salphina malee waan gonfate waan hin qabneef garaagarummaa yaadaa keessatti kara fayyaaleessa ta'een wal utubuufi wal deeggaruu Jaal Ibsaafi kitaabasaanii irraa barachuun barbaachisaa ta'uu dhaamaniiru.

Jaal Ibsaanis ta'e Kitaabnisaanii calaaqqee jijjiiramaa siyaasa biyyattii ta'uun cinatti biyya waa hundaa duuchaan deeggaraniifi morman keessatti dhugaa dubbachuufi barreessuun safartuu namummaa akka ta'e kan ibsan ammoo Ministira Geejibaafi Lojastiksii Doktor Alamuu Simeeti. Akka Oromoottis ta'e akka biyyaatti garaagarummaa ilaalchaan dhugaa qabatanii waliin hojjechuun siyaasa biyyattii wal'aanuufis daawwaa cimaa ta'uu dabalataan ibsanii.

## "Dhaloota egereetiif biyya ...

abbootiin keenya kanfalan wajjiin ilaaltee, nutti toluu baatus darbuun keenya hinhafu. Yeroo darbu kanaaf ammoo waan hindabarre hojjechuuf hunduu of kennuu qaba.

Gama biraatiin teknolojiidhaan deeggaruutu nurra jiraata jennee 'Digital Ethiopia 2025' waan qabanne jira; kunis tajaajilli kennamu dijitaalawaa akka ta'uuf kan gargaarudha. Kana jechuun abaluun abaluufin tajaajila kenna jedhee utuu hinargiin, osoo hinbeekiin lammii ta'uusaatiin qofa tuttuqaarraa bilisa haala ta'een tajaajila akka argatu kan dandeesisudha. Isa kanaafis 'Smart City Concept' qopheessinee hojiitti hiikaa jirra.

Ilaalcha jijjiiruu wajjiin walqabatee, bulchiinsi magaalootaa amala addaa waan qabaniif, nama addummaa magaalootaa kana hubatu horachuun murteessaadha. Akkaataa kanaan Yunivarsitii Siiviil Sarviisii Itoophiyaa waliin waliigalte uumuudhaan ogummaafi naamusa addaddaa bulchiinsi magaalaa barbaadu akka horataniif sadarkaa digirii jalqabaa, maastarsiifi PhD'dhaan namoota barsiisnee eebbisiisuun magaaloota akka bulchan taasisaa jirra.

Magaalaan amala isaatiin adda yommuu jennu, wantoota walxaxaa hedduu qaba. Namoota ajandaa siyaas dinagdeefi hawaasummaa addaaddaa qabantu keessa jiraata. Kanaaf namoonni kana qixa sirriin hubatan akka magaalaa bulchan carraa uumuun dandeeitiin raawwachiisummaa akka guddatuuf hojii bal'aa hojjetaa jirra. Kunis tajaajila fooyyeessuu keessatti gahee mataasaa taphata.

Egaa akka waliigalaatti wanti ani amaanaa jechuu barbaadu, akkuma Oromoon "Meeshaan abbaa fakkaatti" jedhee makmaaku, magaalli kan bulchiinsaa ykn kan mootummaa osoo hintaane kan jiraataati. Akkuma hojii misooma koriidarii magaalaa, jiraataan magaalaa ba'ee "Ana bira maaliif hingenye, gaheen kiyyawoo maali?" jedhee gaafatee hirmaannaa dhugaa agarsiisaa jiru kanatti damee hunda keessatti agarsiisuun barbaachisaadha. Hojiileen magaalaa, bu'uuraalee misoomaa, magariisummaa hojjetamaa jiran kun qabiinsa barbaadu. Kanaaf jiraataan magaalaa qabeenyi kun kansaa ta'uusaa hubatee, akkuma manaafi qe'eesaa eegutti naannawaasaa eeguun waa hundaa olitti barbaachisaadha. Namni manasaa qulqulleessee balfasaa karaatti darbuu hinqabu. Keessummaan wayii karaa sanarra yommuu darbu ganda qulqulluu keessa yoo darbe bakkichi namoota naannawa sanaa ibsa. Yoo kan balfaan guutame ta'ees akkasuma jechuudha.

Kenna tajaajilaa fooyyeessuu keessattis qoodni jiraataa magaalaa olaanaadha. Fakkeenyaaf namoota sirnaan tajaajila hinkennine, mootummaa fagoo jiru caalaatti jiraataa magaalatu arga. Isa kanas harkaa harkatti qabani agarsiisuu barbaachisa. Nama ofiisaatiif kabaja hinqabnetu malaammaltummaatti deebi'ee abbaa dhimma harka ilaala. Kanaaf nama ofiisaa hinkabajne jiraataan magaalaa kabajuun irra hinjiraatu.

Dhumarrattis, dhaloota egereetiif biyya diigamaa deemu osoo hintaane kan ijaaramaa deemu dabarsuuf hunduu ga'eesaa ba'achuu qaban jedha.

# Oromiyaatti dhiibbaa daa'immaniifi dubartootaa qolachuuf sosochiin hubannoo ji'a tokkoof turu har'a eegala

## Saamraawit Girmaatiin

**Finfinnee:** Dhiibbaan daa'immaniifi dubartootarra ga'u haalaafi amalasa jijjiirrachuun akkaataa safuu ummataa cabseen qaqqabu dabalaa jiraachuusaatiin sosochiin hubannoo uumuu Onkoloolessa 30-Sadaasa 30tti turu akka adeemsifamu Biirron Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Oromiyaa beeksise. Sosochiin kun kanneen miidhaan irra ga'e jajjabeessuufi deeggarsa taasisuullee ni dabalata.

Hoggantuun biirichaa Aade Mabraat Baacaa ibsa Roobii darbe biiroosaaniitti gaazexeessitootaaf kennaniin akka jedhanitti, barmaatiileen miidhaa geessisan dubartootaafi daa'imman irra qaqqaban

kanneen akka dirqisiisanii gudeeduu, fuudharratti fuudha, reebicha, buttii, humna qisaasessuufi kanneen biroo kanaan dura hir'ataa deemanillee amma karaa safuu hawaasaa cabseen raawwatamaa jiru. Kanaafis taatee tibbana Boorana Bahaa, Harargee Bahaafi Naqamteetti raawwate ilaaluun ni danda'ama.

Akka Oromiyaatti, gandoota kuma torbaa ol jiran keessaa 907 barmaatiilee miidhaa geesisiinif saaxilamoo ta'uu kaasanii, bara kana gandoota 347 bilisa taasisuuf karoofamuu ibsu. Yakkootni dubartootaafi daa'imman irra ga'an baay'een isaanii maatiifi namoota dhihootiin kan raawwataman ta'uusaaniitiin to'annoofi hordooffiif qormaata ta'aa jiraachuus ni himu.

Sosochii ji'a tokkoof turu kanaan namoota miliyoona lama (dhiira kuma 500) bira qaqqabuun hubannoo uumuuf karoofamuu kan himan hoggantuun kun, ji'i kun kan filatameefis guyyaa daa'immanii Sadaasa 11 akka addunyaatti yeroo 35ffaa, akka Itoophiyaatti yeroo 19ffaaf mata duree "Dhaloota egeree haa dhaggeeffannu" jedhuun kabajamuufi guyyaa riivaanii adii sadarkaa addunyaa yeroo 33ffaa, akka biyya kanaatti ammoo yeroo 19ffaaf mata duree "Miidhaan dubartootaa miidhaakooti hincallisu" jedhuun kabajamu sababaeffachuun ta'uu ibsu.

Sosochii kanaan hojii inisheetiivii dubartootaatiin dubartoota harka qalleeyyiin kan deggaraman

ta'uufi 490 ammoo carraa hojii akka argataniif kan hojjetamu ta'uu kan himan Aade Mabraat, hojii qusannoon walqabatees dubartoonni kuma 100 ta'an Baankii Siinqeetti akka qusatan kan taasifamu ta'uu himu. Daa'imman wajjin walqabatees manneen barnootaa, gumii shamarranii, paarlaamaa daa'immaniifi kan kana fakkaatan keessatti hubannoon kan uumamu ta'uufi kanneen daggarsa babaachisuufis deggarsa kan taasifamu ta'uu adeessu.

Dhiibbaan dubartootaafi daa'immanii kan biiroosaaniitiin qofaan qolatamu waan hintaaneef hirmaannaa hawaasaa, qaamolee seeraa, miidiyaafi kanneen biroo waan barbaaduuf hunduu akka tumsu gaafatu.

## Yaa'ii omishtummaa dabaluu addunyaarraa ...

nyaata madaalamaa argachuun mirga namoomaati jedhuun sirna nyaataarratti yaa'ii garaagaraa qopheessuunif mootummoota biyyoota garaagaraatiif akeekkachiisa, gorsaafi deeggarsa taasisaa jira.

Itoophiyaanis akka miseensa Dhaabbata Misooma beela balleessuuf sochii garaagaraa taasisaa jirti. Yaa'iiin "Addunyaa Beelarraa Bilisaa" jedhu Itoophiyaatti tibbana mata duree Investimantii babal'isuu jedhuun taasifameera.

Yaa'ii kanarratti Ministirri Mummee Doktor Abiyi Ahmad haasaa taasisaniin akka jedhanitti, addunyaa beelarraa bilisaa uumuuf omishaafi omishtummaa dabaluu qofa osoo hin taane rakkolee akka wal qixxuummaa dhabuu, hiyyummaafi rakkoo jijjiirrama haala qilleensaarratti hojjechuutu barbaachisa.

Jabana baay'inni uummataa dachaan dabalaa jiru

kana keessatti Addunyaa beelarraa bilisaa arguuf itti fufiinsaan karaa kalaqa qabuun hojjechuu, qonna ammayyeessuu, sirna dhiyeessii galteewwan qonnaa fooyyessuun murteessadha.

Wabii miidhaan nyaataa mirkaneessuuf Itoophiyaan tattaaffii guddaa gochaa jirti jedhani: tiraanisfoormeeshiniin qonnaa waggoottan jahan darban keessatti hojiirra ooluu eegalee hanga lafa qotamuu, omishaafi omishtummaan qonnaa bu'aalee qonnaa gatii qaban waliin dachaan akka dabaluu taasisaa jira jedhaniiru.

Gosoota miidhaanii jijjiirama haala qilleensaa dandamatan kanneen akka qamadii, xaafiifi boqqolloofaa Innisheetiivii Ashaaraa Magaariisaa kan jijjiirama haala qilleensaa qolachuuf dandeessisurratti xiyyeeffannoo addaatiin hojjechuudhaan bu'aalee abdachiisoo argachaa jirras jedhaniiru. Inisheetiivichii uwwisa bosonaa dabaluu, dhiqama biyyee hir'isuunif jireenyaa

lubbuu qabeeyyiif (Biodiversity) eeguun omishtummaa qonnaa dabaluu keessatti gahee guddaa taphachaa jiras jedhaniiru.

Hojin Sosochii Itoophiyaan haa omishtuun hojjetamaa jiru, carraan hojii Paarkiiwwan Qindaa'aa Qonnaatiin uumamaa jiruufi damee qonnaarratti guddachaa dhufuun investimantii biyya Itoophiyaa, biyyattiin beela dhabamsiisuuf tattaaffii taasisaa kan jirtu ta'uu agarsiistuu ijoodha.

Beela addunyaarraa dhabamsiisuun qindoomina hawaasa idil addunyaa waan barbaaduuf qaamni misoomaa hundi tumsa barbaachisu taasisuu akka qabu Doktor Abiyi dhaamsa dabarsaniiru.

Ministirri Ministeera Industirii Obbo Malaakuu Allebal gamasaaniitiin akka jedhanitti, Itoophiyaan beela dhabamsiisuuf qonnaan bultootaafi intarpiraayizootaaf jajjabeessituu garaagaraa dhiyeessuunif carraa hojii uumuun hojjechaa jirti.

Biyyattiin wabii miidhaan nyaataa mirkaneessuuf damee industirii qonna qindaa'aa babal'isaa jirtis jedhaniiru.

Daarektarii Olaanaan Dhaabbata Misooma Industirii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii Gaard Muular gamasaaniitiin akka jedhanitti, beela addunyaarraa balleessuun hundaa ol kutannoo siyaasaa gaafata. Addunyaa beelarraa bilisa ta'e uumuuf carraa hojiifi investimantii xiyyeeffannoon addaa kennamuu qaba.

Waggoottan kurnan dhufanitti beela addunyaarraa balleessuuf doolarii Ameerikaa biliyoona 50 kan barbaachisu ta'uu himanii; dhaabbileen deeggartoota idil addunyaafi qooda fudhattootni hundi gahee isaaniirraa eegamu bahachuu qabu jedhaniiru. Keessattuu biyyootni guddatan imala beela balleessuuf taasifamu keessatti waadaa kanaan dura galan hojiitti hiikuu akka qabanis hubachiisaniiru.



Wayita omishni haamamu

## Midhaan gahe roobaan akka hin miidhamne ...

Obbo Bariisoo Fayyisaa akka jedhanitti, rooba yeroo ammaa roobaa jiruun omishni gahe akka hin mancaaneef bifa duulaan sassaabuun barbaachisaadha. Keessattuu godinaaleen akka Arsii, Arsii Lixaa, Shawaa Bahaa, Baaleefi kanneen biroo yeroo oomishni gannaa itti sassaabamu waan ta'eef of eeggannoon taasisuu qabu

Haaluma walfakkaatuun Biirichatti Daarektarii Misooma Midhaanii Obbo Musxafaa Huseen Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, naannichatti bara omisha 2016/17 lafa hektaara miliyoona 11.6rraa midhaan akaakuu garaagaraa kuntaala miliyoona 337 argachuuf hojjetamaa jira.

Hanga callaa karoofamee kana argachuuf qophii Oyirurraa eegalee hanga omishni omishame gumbiitti galutti hojiileen qonnaa hojjetaman ammayyeessuuf xiyyeeffannoo addaatiin hojjetamaa jira.

Yeroo amma kana naannawaa Sulula Qinxamaa Riift vaalittifi naannawaa amala gammoojjummaa qabanitti baay'inaan midhaan sassaabbiidhaaf gaheera jedhanii; hojiin sassaabbiidhaaf gahe kana mala ammayyaafi aadatiin hojjetamaa jira jedhaniiru.

Teknolojii fayyadamuun qisaasama yeroo sassaabbi mudachuu danda'u hambisuu yoo hindandeenye bu'a qabeessummaa qonnaarratti dhiibbaan gahuu danda'u olaanaadha jedhanii; sababa qisaasama yeroo sassaabbiitiin omishtummaan qonnaa Itoophiyaa keessatti dhibbantaa 20-30tti akka

hir'atu qorannoowwan tokko tokko ni mul'isu jedhaniiru.

Qisaasama mudachuu danda'u hambisuuf hanga humni eyyame midhaan kombaayinaraafi maashina dhooftuu midhaaniitiin akka sassaabamu taasifamaa jira jedhanii: keessattuu waggoottan shanan darban keessa xiyyeeffannoo mootummaan makanaayizeeshinii qonnaaf laatterraa kan ka'e naannichatti baay'inni Kombaayinaraa dabalaa jira.

Xiyyeeffannoo kennameen meeshaleen makaanaayizeeshinii qonnaa ashuurraa bilisa bitamanii akka galan taasifamaara. Haaluma walfakkaatuun qonnaan bulaan dhibbantaa 30 qusatee dhibbantaa 70 liqin mijateefi meeshalee makanaayizeeshinii qonnaa akka bitatu hojmaanni mijataan diriifameera. Kanarraa kan gahe naannicha keessatti baay'inni Kombaayinaraa gara 594 ol guddateera.

Naannichi Agroo Ikolojii garaagaraa qabaachuuraan kan ka'e midhaan hundi si'a tokko waan hin geenyef kombaayinarota jiran kunneen iddoodhaa gara iddootti sochoosuun qonnaan bulaan akka itti fayyadamuuf carraa gaariidha jedhanii; Yeroo amma kana hanqinni Kombaayinaraa hin jiru jedhaniiru.

Naannawaa lafa bu'aa ba'iin itti baay'atutti itti fayyadamuuf kan mijatu maashinni dhooftuu midhaaniis Inistituutii Qorannoo Qonna Oromiyaatiin qophaa'ee gatii madaalawaadhaan dhiyaachaa jira.



# BARIISAA



Tashoomaa Qadiidaatiin

## “Waggaa 21 biyyakoo tajaajileen soorama malee ari’ame”

- Atileet Tsaggaaye Sanyii

Itoophiyaan atileetota bebbeekamoo, buleeyyii alaabaa biyyasaanii waltajjii addunyaarratti tallisiisan hedduu qabdi. Isaan keessaa atileetii beekamaa seena qabeessa tokko Gaazexaan Bariisaa dubbistootaaf dhiheesseera.

**Bariisaa: Duraan dursa wal haa barru.**

**Kumaalaa Tsaggaaye:** Tsaggaayee Sanyiin jedhama. Kanin dhaladhee guddadhe Godina Arsii Lixaa, Aanaa Kofalee durii, yeroo ammaa Aanaa Qoree, Ganda Shiree Araagessaa jedhamutti. Ani ilma qonnaan bulaa waanan ta’eef akkuma ijoollee naannawaa hoolota, jabbileefi loowwan tikseen guddadhe.

**Bariisaa: Mana barumsaahoo eessatti jalqabde?**

**Kumaalaa Tsaggaaye:** Osoon mana barumsaa idilee hingalin dura barumsa Qeesii hanga daawwitiittin baradhe. Sana booda Mana Barumsaa Sadarkaa Iffaa Shireettin baradhe. Sadarkaa giddugaleessaafi lammaffaa ammoo magaalaa Arsii Nageelleettin hordofe.

Bara 1968 yeroon kutaa saglaffaa barachaa ture sababii siyaasa yeroo sanaatiin manni barumsaa waan cufameef gara maatii kiyyaattin deebi’e. Yommuun waggaa 20 guutuus abbaan koo na fuusisee lafa qonnaas naaf kennee achumatti hafe.

**Bariisaa: Raayyaa Ittisaatti akkamitti makamuu dandeesse?**

**Kumaalaa Tsaggaaye:** Raayyaa Ittisaatti kanan makame bara 1969 yeroo Somaaleen Itoophiyaa weerarte sana ture. Yeroo sana Mootummaan Dargii guutuu biyyaaf waamicha waan dhiheesseef ganda keessaa namni shan shan filatamanii gara waraanaatti akka duulan gaafate. Anis ganda kiyyarraa filatameen gara Finfinnee dhufeen leenjii Taaxaqqitti ergamne. Leenjii ji’a sadii xumureen gara Harargee deeme. Harar irraa ammoo gara waraana Jigjigaa jirutti makamuuf qajeelle.

Hagayya 26 bara 1969 osoon garasitti deemaa jiruu diinni jeettiidhaan nu marsee dhukaasa nutti bane. Somaaleen yeroo sana madfiifi taankii baay’ee hidhachuudhaan nucaalti ture. Haata’u malee raayyaan keenya onneedhaan waan waraanuuf barbadeessinee hiriyyoota keenyatti makamne. Sana booda gara Ogaadeen deemuuf kaanee, wayita Jigjigaa dabarru ammas numarsuudhaan waraana nutti bante. Waraanni keenya xinnaa ta’us yeroo gabaabaa keessatti bittinneessinee bira dabarre.

Waraanni Somaalee lafa keenya qabatee irratti cichus raayyaan keenya cimaa waan ta’eef bakka dhaqnu marattuu barbadeessinee Kaarra Maarraa qabachuu dandeenye. Keessumattuu seenaan isaa hinbarreeffamne malee akkuma Kaarra Maarraa iddoo Qoree jedhamutti seenaa guddaatu hojjetame.

Raayyaan keenya Somaalee hordofuudhaan Ogaadeen, Godee, Dagaahabur, Qalaafoo, Ferferiifi lafa keenya hanga daangaa isaa deebifachuun ji’a lamaaf achuma ture. Haata’u malee ajajni gubaadhaa dhufe jechuudhaan hatattamaan gara Ertiraa akka deemnuuf nutti himame.

Bara 1970 waraanni Harar hatattamaan Baabbileetti wal ga’ee, Awaash Arbaa akka galu nutti himame. Osoo oolee hinbulin



Awaashitti galee Pirezidaantiin yeroo sanaa Koloneel Mangistuu Haayilamaariyaam nu haasofsiisanii gara Ertiraatti qajeelle.

Yeroo gabaabaa keessatti waraana Ertiraatti makamnee dirqama nutti kenname bahuuf gammoojjii Ertiraa keessatti seenaa guddaa hojjeneerra.

Waraannichi cimaa waan tureef aniifi hiriyooni koo baay’een yeroo adda addaa rukutannee madoofneerra. Lubbuun kan darbanis turaniiru.

**Bariisaa: Waraanarraa akkamitti gara atileetiitti dhufte?**

**Kumaalaa Tsaggaaye:** Carraan ilma namaa maal akka ta’u hinbeekamu. Loltuun ta’a jedhee yaadee hinbeeku. Yeroon mana barumsaa ture san Arsiitti ispoortii keessumaa atileetiksiin akka ammaa kana bal’inaan hinhirmaachisu ture. Atileetonnis muraasa turan.

Haata’u malee mana barumsaatti ispoortii kubbaa miilaatti aanee atileetiksiin jaalatamaa ture. Anis fiigicha waanan jaalladhuuf mana barumsaatti akkan dorgomu barsiisaan kiyya natti himee achumaan jalqabe. Yeroo sana manneen barnootaa jidduutti dorgommiin adda addaa waan gageeffamuuf anis mana barumsaa kiyyaa bakka bu’uun hirmaadhee mo’adhe.

Fiigichi kun bu’uura naaf ta’uun Raayyaa Ittisaa keessa wayitan ture boqonnaa yoon argadhu ganama ganama shaakalaan ture.

Guyyaa tokko Ajajaan Raayyaa waraanaa kutaa lammaffaa Magaalaa Asmaraatti hoggantoota walitti qabuun ayyaana ispoortii Raayyaa Ittisaa kutaa waraanaa lammaffaa Asmaraatti qopheessuuf gaafatan. Kaayyoon ayyaanichaa atileetota bakka bu’an filachuufi.

Dorgommiin kan adeemsifamu Sadarkaa Birgeeditiin. Ani kanan jiru Magaalaa Asmaraatii ala gammoojjii keessa ta’us Birgeedii kiyya bakka bu’uun akkan hirmaadhuuf carraa argadhe. Kanaanis fiigicha maaraatonii, dorgommii kuma kudhaniifi kuma shaniin mo’adhee meedaaliyaafi waancaa argamsiise.

Haaluma kanaan filatamee Ayyaana Raayyaa Ittisaa guutuu Itoophiyaarratti hirmaachuuf carraa argadhe. Ta’us shaampiyoonichi sababa hongeetiin addaan cite.

**Bariisaa: Garee Biyyaalessaatti yoomiifi akkamitti makamte?**

**Kumaalaa Tsaggaaye:** Shaampiyooniin bara 1977 addaan cite ture bara 1979 adeemsifame. Anis maaraatoonidhaan Finfinneetti mo’adhee kilabni Machaal asitti nahambise.

Baruma san Maaraatoonii Yaadannoo Abbabaa Biqilaa Finfinneetti adeemsifameen atileetota muuxannoo qaban wajjin dorgomee sadaffaa ba’uun meedaaliyaa nahaasaa badhaafame. Machaal ammoo kilabaan tokkoffaa ba’uun waancaa fudhate.

Akkasumas magaalaa Finfinnee bakka bu’uun fiigicha maaraatoonii Hawaasaatti adeemsifamettis sadaffaa bahuun meedaaliyaa nahaasaa badhaafameera. Baruma kana tapha guutuu Afrikaa kan Keeniyaa, Magaalaa Naayiroobiitti adeemsifamerratti hirmaadhe. Dorgommiin kun biyya bakka bu’ee hirmaachuuf anaaf carraa jalqabaati.

Bara 1980 Itoophiyaa bakka bu’uun Aljeeriyaa, Magaalaa Alaabaatti maaraatoonidhaan dorgome. Qilleensi magaalattii baay’ee ho’aa waan tureef arfaffaa ba’uun xumure.

Yeroo muraasa keessatti atileetota garee biyyaalessaa waliin hiriruun biyya keessaafi alatti fiigicha maaraatonii mo’adhee meedaaliyaafi waancaa baay’ee badhaafameera.

**Bariisaa: Jaappaan Tokiyooti yaadannoo maalii qabda? Kumaalaa Tsaggaaye:** Maaraatoonii Jaappaan sadarkaa biyyoolessaatti anaaf kan lammaffaati. Yeroo dorgommichaaf garasitti qajeellu mootiin biyyattii boqochuusaanii dhageenye. Ummani biyyattii gadda guddaa keessa waan tureef ji’a tokkoof dorgommii malee achi turre.

Shaakala taasisuuf qilleensi biyyattii baay’ee dilallaa’aafi cabbii waan tureef yeroo baay’ee hoteela keessatti dabarsaa turre. Gaafa dorgommiin gahu shaakala xinnoo goonee hirmaanne. Haalli qilleensaa rakkisaa waan tureef dorgommicha jahaffaa bahuun xumure.

Baruma sana Kilaba Machaal bakka bu’ee maaraatoonii Abbabaa Biqilaa Waxabajjii keessa adeemsifamerratti hirmaadheen tokkoffaa bahuun mo’adhe.

Bara 1981 ajaja Afrikaa Bakka bu’ee maaraatoonidhaan biyya Isiraa’elitti ergame. Embaasiin Isiraa’eel as waan hinjirreef Viizaa argachuuf Misir deemuun dirqama ture. Afrikaa Kibbaa Johaanis Bargirraa gara Misiritti balaliinee Viizaa argannee gara Isiraa’elitti qajeelle.

Dorgommichi baay’ee cimaa turus tokkoffaa ba’uun mo’achuun Itoophiyaan addunyaarratti caalaa akka beekamtu godheera. Dorgommicha mo’achuun badhaasa addaa argadheera; yeroon biyyatti deebi’us mootummaadhaan badhaafameera.

Ergasii asi fiigicha maaraatoonii Itoophiyaafi Afrikaa bakka bu’uun dorgommiiwwan sadarkaa biyyoolessaatti biyyoota Awurooppaa, Ameerikaa, Eeshiyaafi Ameerikaa Kibbaatti adeemsifamanirratti hirmaachuun meedaaliyaa, Waancaafi dippilomaa hedduu badhaafameera. Itoophiyaan addunyaarratti caalaa akka beekamtu taasisuuf gumaacha taasisera.

Dorgommii maaraatoonii bara 1983 waggaa 30ffaa Abbabaa Biqilaa Xaaliyaan Roomitti

mo’ate sababeeffachuun adeemsifametti atileetota addunyaarratti beekaman wajjin hirmaachuun atileetonni Itoophiyaa duraa duubaan Iffaa-4ffaatti yoo bahan, ani jahaffaan bahe.

**Bariisaa: Bara 1983 as kilaboonni hedduun diigamuusaaniin carraan keessan maal ture?**

**Kumaalaa Tsaggaaye:** Sirni Dargii diigamee mootummaan ADWUI yoo dhufu dhaabbileen ispoortii keessumaa Raayyaa Ittisaafi Poolisii jalatti gurmaa’an ni diigaman. Ana dabalatee atileetonni baay’een miseensa Raayyaa Ittisaafi Poolisii waan turreef mindaa malee harka duwwaatti hafne. Mootummaan ADWUI Raayyaa akka diinaatti ilaalaa waan tureef gootonni Itoophiyaa addunyaarratti waamsisaa turan maatiisaanii wajjin belaa saaxilaman. Anas carraan kun na dhaqqabeera.

Akka tasaa ta’ee waggaa tokko booda leenjisaan garee Atileetiksii Itoophiyaa yerosii Obbo Nigusee Roobaa osoo qaamni tokko hindhagahin maaraatoonii Ameerikaa, Poortorikootti adeemsifametti na erge. Anis tokkoffaa ba’uun mo’adheen dolaara kuma lamaa argadhe deebi’e.

**Bariisaa: Atileetonni beekamoo sababii jijjiirama mootummaatiin bittinnaa’aniiru. Ati akkamitti gara dorgommiitti deebi’te?**

**Kumaalaa Tsaggaaye:** Waggaa tokko guutuu hojii dhaabee rakkachaa osoon jiruu gaaf tokko nawaamanii kilaba Raayyaa Ittisaatti makamuun akka haaraatti shaakala taasisuu jalqabe.

Bara 1985 Kilaba Machaal bakka bu’ee maaraatoonii Abbabaa Biqilaa hirmaadhee qabxii gaarii fide. Achumaan biyya bakka bu’ee Yugozilaaviyaa, Beelgireeditti fiigicha maaraatoonirratti Iffaa bahuun meedaaliyaafi dolaarii kuma lamaa argadheera.

**Bariisaa: Dorgommii akkamitti dhaabde?**

**Kumaalaa Tsaggaaye:** Bara 1986 osoon shaakalarra jiruu dhullaan natti ba’e. Kan yaalamnu Giddugala wal’aansa ispoortii biyyaalessaatti ture. Doktarri nayaale narviirra waan nawaraaneef socho’uun dadhabe. Sana boddee yeroo muraasaaf dedebi’ee yaalamus natti hinfoooyofne. Anis abdi kutadhee manatti deebi’uun dorgommii atileetiksiitiin gargar bahe.

**Bariisaa: Haalli jireenya kee ammaa maal fakkaata?**

**Kumaalaa Tsaggaaye:** Bara 1969 irraa kaasee biyya tiyya humnan qabu maraan waggoota 21ftajaajileera. Ummata kiyya bakka bu’ee shaampiyoonaa’uun adda addaarratti hirmaadhee mo’chuun maqaa Itoophiyaa sadarkaa addunyaatti waamsiseera. Daangaa biyyaas eeguudhaan waan narraa eggamu taasisera. Haata’u malee bara 1990 irraa kaasee hanga ammaatti soorama tokko malee harka duwwaa ari’ameen rakkachaa jira.

Ani miseensa Raayyaa Ittisaati. Raayyaan tokko biyyaafi dhiigaafi dafqasaa dhangalaasuu malee hanga lubbuunsaa darbutti biyya isaa tajaajila. Anis wanta narraa eggamu maraa hanga humni kiyya danda’utti godheera. Qaama gara garaatti iyyadhus kan nadhagahu hin arganne.